# XIINXALA GARAAGARUMMAA LOOGA AFAAN OROMOO HAWAASA WAAYYUU ARSIIFI JIILLEE TUULAMAA


## YUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEKNOOLOJII ADAAMAA ISKUULII SAAYINSOOTA HAWAASAA,HIYUUMAANITIIFI SEERAA

## MUUMMEE AFAAN OROMOO.


## SAGANTAA EEB-BOODDEE(MA) ISKUULII SAAYINSOOTA HAWAASAA, HIYUMAANITIIFI SEERAA, MUUMMEE AFAAN OROMOOTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'E.

.

**ADAAMAA**

**WAXABAJJII,2016**

# XIINXALA GARAAGARUMMAA LOOGA AFAAN OROMOO HAWAASA WAAYYUU ARSIIFI JIILLEE TUULAMAA

**YUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEKNOOLOJII ADAAMAA ISKUULII SAAYINSOOTA HAWAASAA, HIYUMAANITIIFI SEERAA**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO.**

**SAGANTAA EEB-BOODDEE(MA) ISKUULII SAAYINSOOTA HAWAASAA, HIYUMAANITIIFI SEERAA, MUUMMEE AFAAN OROMOOTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'E.**

**GORSAAN: IJAARAA BAATUU (PhD)**

**QOPHEESSAAN: MAHAAMMAD KADIIR**

**ADAAMAA**

**WAXABAJJII, 2016**

# Xiinxal Garaagarummaa Loogaa Afaan Oromoo Hawaasa Arsii Waayyuufi Jiillee Tuulamaa

**Mohaammad Kadiiriin**

**Waraqaa Qorannoo Digrii Lammaffaa (MA) Gamisaan Guuttachuuf Qophaa'ee Muummee Afaan Oromoof Dhiyaate**

**Mana Barumsa Namoomaa (Humaanitiif) fi Seeraa,**

**Yunivarsiitii Saayinsiif teeknooloojii Adaamaa**

**Waxabajjii 2016**

**Adaamaa**

**Yuuniversiitii Saayinsiifi Teekinoolojii Adaamaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digrii Duraa Booddee**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoon gamisaan Guuttachuuf Mohaammad Kadiriin, Mataduree: "**Xiinxala Garaagarummaa Loogaa Afaan Oromoo Hawaasa Arsii Waayyuufi Jiillee Tuulamaa**" jechuun qophaa'e ulaagaa yunivarsitiin guutera.

**Koree Qormaata**

Qoraa ___________________________Mallattoo_____________Guyyaa_______

Qoraa ___________________________Mallattoo_____________Guyyaa_______

Qoraa ___________________________Mallattoo_____________Guyyaa_______

_______________________________________________

Itti Gaafatamaa Muummee Yookiin Qindeessaa Sagantaa Digrii Lammaffaa (MA)

# GALATA

Hunda dura  Waaqayyo guddaan kan kanaan nagaye haa ulfaatu; itti aansuun gorsaa koo Dr.Ijaaraa Baatuu  deggarsa  isaan nafaana bu'uun naaf taasisaniif  ulfinni isaaniif qabu olaanaadha. Dabalataanis, waajjira aadaafiturizimii Aanaa AdaamiiTulluu Jiddoo Kombolchaafi Aanaa Dugdaa, akkasumas, hojjattoonnimana kitaabaa Yunivarsiitii Siddiisti Kiiloo deeggarsa naaf taasisaniif haa ulfaatan. Walumaagalatti,namoonni galma ga'iinsa qorannoo kanarratti na cinaa dhaabbatan maraan ulfaadha jedha

.

.

# Baafata ( Table of  Contents)


GALATA ..... ii

Baafata ( Table of  Contents) ..... iii

Tarree Gabateewwanii (List of Tables) ..... v

Axeerara ..... vi

BOQONNAA TOKKO ..... 1

Seensa ..... 1

1.1. Ariirrata ..... 1

1.2 Ka'umsaa Qorannichaa ..... 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ..... 4

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ..... 4

1.3.2. Kaayyoo Gooree ..... 4

1.4. Faayidaa Qorannichaa ..... 4

1.5. Daangaa Qorannichaa ..... 5

1.6. Hanqinna Qorannichaa ..... 5

BOQONNAA LAMA ..... 6

Sakattaa Barruu ..... 6

2.1. Seensa ..... 6

2.2. Xiinlooga ..... 6

2.3. Looga ..... 7

2.4. Karaalee Loogni Afaan Tokkoo Ittiin Beekkamu ..... 7

2.5. Akaakuuwwan Xiinloogaa ..... 7

2.5.1 Xiinlooga Naannoo ..... 7

2.5.2. Xiinlooga Hawaasummaa ..... 8

2.6. Looga Afaan Oromoo ..... 8

2.7. Loogota Afaan Oromoo(Dialects of Afaan Oromo) irratti Qo'annoo Gaggeeffameen Yaada Hayyoota Adda addaa ..... 9

2.8. Waaltina Afaanii ..... 12

BOQONNAA SADII ..... 13

Seensa ..... 13

3.1. Malleen Qorannichaa ..... 13
3.2.Madda Ragaalee ..... 13
3.3. Iddattoofi Iddatteessuu ..... 14
3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo ..... 14
3.4.1 Daawwannaa ..... 14
3.4.2. Af-gaaffii ..... 15
3.5. Adeemsa Odeeffannoo Qindeessuu ..... 15
3.6. Mala Odeeffannoon Ittiin Hiikamuufi Ibsamu ..... 15
BOQONNAA AFUR ..... 17
Hiikaafi Ibsa Odeeffannoo ..... 17
4.1.Seensa ..... 17
4.2.Garaagarummaa Loogaa Hawaasa Oromoo Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa ..... 17
Sadarkaa Xiinsagaa, Dhamjechaa, Xiinjechaa, Hiikaafi Caaslugarratti Mul'atan: ..... 17
4.2.1.Garaagarummaa Loogaa Gama Xiinsaga(phonology)/Haala Dubbiitiin Mul'atan: ..... 18
4.2.2.Garaagarummaa Loogaa Gama Dham-jechaatiin Mul'atan: ..... 25
4.2.3.Garaagarummaa Loogaa Gama Xiin-jechaa(Morphology) ..... 27
4.2.3.1.Garaagarummaa Loogaa Sadarkaa Jechaan Garagaraa Hiika Walfakkaataa Qaban ..... 27
4.2.3.2.Garaagarummaa Loogaa Jechoota Walfakkaataa Hiika Garagaraa Qaban: ..... 30
4.2.4.Garaagarummaa Loogaa Gama Xiin-himaatiin Mul'atan: ..... 32
BOQONNAA SHAN ..... 41
Gudduunfaafi yaada furmaata ..... 41
5.1. Guduunfaa (Conclusion) ..... 41
5.2.Yaada Furmaataa(Recomandation) ..... 43
Wabiilee ..... 44
DABALEE-A ..... 46
DABALEE-B ..... 55
DABALEE C ..... 63

## Tarree Gabateewwanii (List of Tables)

1.Gabatee 1 .Garaagarummaa loogaa gama XiinSagaa/Haala dubbiitiin jiru……………………..……… 24
2.Gabatee 2 .Garaagarummaa loogaa gama Dham-Jechaatiin mul’atan ………………….……….. ...25

3.Gabatee 3 .Garaagarummaa loogaa Sadarkaa Jechaan garagaraa hiika walfakkaataa qaban………...29

4.Gabatee 4. Garaagarummaa loogaa Jechoota walfakkaataa hiika garagraa qaban…………………...30

5.Gabatee 5.Jechoota Ka’umsaa Af-gaaffii……………………………………………… …..……. 54

6.Gabatee 6 .Odeeffannoo bifa Daawwannaatiin walitti qabaman ……………………………….…62

# Axeerara

Afaan amala dhala namaati. Jijjiramni kallattii hedduun namarratti taasifamu hundi afaan irratti jijjiirama fida. Qo’annoon kun xiinxala garaagarummaa looga Afaan Oromoo hawaasa Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa irratti xiyyeeffateedha. Ka’umsi qorannichaa waligaluurratti namoonni yoo rakkatan ilaaluun garaagarummaa kana mirkaneessuuf. Kaayyoon qorannoo kanaa hawaasa Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa jidduutti wantoota garaagarummaa loogaa uuman adda baasuun sadarkaalee loogni irratti mul’atu ibsuudha. Faayidaan qorannichaa barsiisota, hayyoota barnoota afaaniitiifi xiinqooqaatiif gahee olaanaa qaba. Kunis,karaa toora interneetii akka argatan haala mijeessuun. Malli qorannichi ittiin gaggeeffame, gosa qarannoo makaa keessaa akkamtaatti fayyadamuun ture. Maddi ragaa, madda ragaa tokkoffaadhaan ta’ee, namoota barnoota idilee hinarganne qofaa kan hirmaachiseefi gosa iddatteessuu miticarraan kan dalagameedha. Odeeffannoon bifa afgaaffiifi daawwannaatiin walitti qabamanii fakkeenyotaafi ragaan deeggaruun hiikaafi ibsi itti kennameera. Garaagarummaan loogaa sadarkaa sagaleetti hawaasni Jiillee Tuulamaa sagalee /dh/ kan hinyaamne yoo ta’u, sagalee /’/,/r’/ fi /l’/ kanneeniin bakka buusuun itti fayyadamu.Hawaasni Jiillee Tuulamaa jechoota yaaman keessatti sagalee /ch/ bal’innaan yoo itti dhimma bahan, hawaasni Waayyuu Arsii sagalee /ch/ sagalee /t/n bakka buusuun itti fayyadamu. Hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii jidduutti dhamjechoonni gargaarummaa koornayaafi lakkoofsa agarsiisan mul’ataniiru. Gargaarummaan sadarkaa jechaan garagaraa hiika walfakkaataa qaban hawaasa lamaan jidduutti bal’innaan argamu. Jechootni hawaasa lamaan biratti argaman hikaan gargar ta’anis nijiru. Fakkeenyaaf,dasee, darsa,moruu fa’a. Garaagarummaan sadarkaa himaatti jiru,matihima, xumibsiifi xumurarratti kan mul’atu yoo ta’u, hawaasni Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa yoo hima ijaaran dhamjecha(hin-) jedhamu yeroo baay’ee kan dhimma itti baane ta’uun hubatameera.Yaadni furmaataa qorataan kaa’e keessaa ijoon qorannaan looga Afaan Oromoorratti jiru hanqaa waan ta’eef xiyyeeffannoo itti kennuun hayyoonni dhimmi kun ilaallatu irratti hojjachuu qabu.

**Jechoota ijoo:** garaagarummaa,looga,Waayyuu, Arsii,Jiillee, Tuulamaa,Afaan Oromoo

# BOQONNAA TOKKO

## Seensa

### 1.1. Ariirrata

Afaan amala dhala namaati. Jijjiiramni kallattii hedduun namarratti taasifamu hundi afaan isaa irratti ni raawwata. Sababni bu'uuraa afaan qorachuuf, hawaasa qo'achuun dirqama itti ta'u tokko kana. Hayyoonni xinqooqa ammayyaa afaan ummata isa dubbaturraa kophaatti baasanii qo'achuun qurxummii bishaan keessaa baasanii lubbuun osoo jirtu qo'achuun walfakkeessanii ilaalu.Kunis kan agarsiisu afaaniifi hawaasa afaan sana dubbatu addaan baasanii ilaaluun akka hindanda'amneedha. Dialectology and Standardization (2014: 8) Yuunivarsiitii Adaamaa Muummee Afaan Oromoo.

Ummanni kuush saba bal'aa Ardii Afrikaa keessa jiraatu keessaa isa hangafaati. Innis sanyii latiinsa heddu kan ofjalaa qabuudha.

> Mahaammad Hasan (1994:**77-90)** irratti yoo ibsu**:**…There is little written record of the Oromo people until they came into conflict with Southern expanding Abyssinia in the 16th Century. Oromia existed as several independent kingdoms and nations until the Abyssinian conquest of the 1880s, at which point Oromia became part of the Ethiopian Empire- Many of the previous Oromo kingdoms became provinces of Ethiopia, such as Jimma,Illubabor,Wellega, Shewa, Arsi, Bale, and Hararge.These areas had developed distinct dialects of Oromo which are still present.

.Yaadni armaan olitti ibsame, … Galmeen barreeffamaa bicuun, ummanni Oromoo ummata jaarraa 16ffaa keessa lafa babal'ifannaa gara kibbaatti warri Absiiniyaa taasisaaniin mormaa ture. Ummanni Oromoo hanga 1880 kutaa biyya Itoophiyaa jedhamtu keessatti ofiin ofbulchuun sirna bulchiinsa isaa gaggeessaa akka ture barreeffamni kun ragaa baha. Itoophiyaa keessatti Godinaalee akka Jimmaa, Iluu Abbaa Boor, Wallaggaa, Shawaa, Arsii, Baaleefi Harargee keessatti afaaniifi aadaa isaa eeggachaa kan jiraatuudha. Kutaalee kanneen keessatti Afaan Oromoo looga gara garaa of keessaa qabu hanga har'aatti fayyadamaa akka jiru ibsa barruu armaan olii irraa hubachuu nidanda'ama.

> Mahaammad Hasan(1994:77-90)irratti waa'ee qoodama looga Oromoo yoo ibsu,The main dialects of Oromo are Wellega (spoken in the West Wellega, East Wellega, Illubabor, and Jima zones), Tulama (in the North, West, And East Shewa zones), Wello (in Northern Shewa and Southern Amhara),Arsi (in the Arsi and Bale zones), Harar (in the West and East Harerge Zones), And Borena (in the southern-most zone by the same name). This classification scheme is general, as there is no official division of Oromo dialects, and many dialectsgo by multiple names (Wellega is also called Mecha). Additionally, more isolate dialects are spoken by small Oromo communities that remain in eastern Amhara and sourthern Tigray. The major differences in dialects are in the form of pronouns, certain verb conjugations, and colloquial lexicon.

Akka ibsa barreeffama arman oliitti, loogonni gurguddaan Afaan Oromoo bakka jahatti qoodama. Isaanis looga Wallaggaa kan Godinaalee Wallagaa, Iluu Abbaa Booriifi Jimma, lammaffaa looga Tuulama kan godinaalee Shawaa Bahaa,Shawaa dhihaa, Shawaa kaabaafi Shawaa Bahaati. Inni sadaffaan looga Oromoo Wallooti kan Baha Amaaraafi Kibba Tigraayiiti dubbatamu. Inni afraffaan looga Oromoo Arsiiti. Inni kun naannawa Arsiifi Baaleetti dubbatama. Inni shanaffaan looga Oromoo Harargeeti. Kunis Godinaalee Harargee Bahaafi Dhihaatti dubbatama.Inni dhumaa looga Booranaati.Kun immoo naannoo kibba Oromiyaa keessatii bal'innaan kan dubbatamuudha. Haalli qoqqooddii looga Afaan Oromoo kun warra gurguddaadha malee kanneen biroo hinjiru jechuudhaa miti.

Akka ibsa armaan oliirraa habatamutti loogonni Afaan Oromoo bakka gurguddaatti qoodamuun kan ilaallamaniidha.Qorannoo kana wanti adda taasiisu hawaasa ollaa walii jiraatan lama qofaa filachuun xiinxala irratti gaggeessuu isaati.Hawaasni Waayyuu Arsii godina Shawaa bahaa aanaa Adaamii tulluutti Finfinneerraa kiilomeetira 150rratti argamu.Waayyuun gosoota Arsiitti galan heddu yoo ofjalatti hammatu; Jiille immoo,gosoota jahan Tuulamatti galan ofjalatti qabata. Hawaasni Jiillee Tuulamaa immoo,godina Shawaa bahaa aanaa Dugdaatti Finfinneerraa kiilomeetira 115rratti argamu.Haalli qilleensa naannoo kanaa gammoojjiidha.Hawaasni aanaalee lamaan kana keessa jiraatu qonnaan bulaadha.Haroon Dambal naannoo hawaasa lamaan kanaatti waan argamuuf namoonni muraasni oomisha bonaafi gannas niargatu.Haroo kanatti baay'inaan kan fayydaman namoota miseensa Jiillee Tuulamaa ta'an.

Qorataan mata duree garaagarummaa loogaa Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaarratti xiyyeeffate qabannifilateef,walhubachuurratti garaagarummaan hawaasa lamaan kanneen jidduujiraachuusaa fi aanaan Adaamii Tulluufi aanaan Dugdaa wal ollaatti waan argamaniif hojii idilee isaa osoo hin hubine salphamatti raawwachuu danda'a yaada jedhurra dhaabbateeti.

## 1.2 Ka'umsaa Qorannichaa

Qorannoon kun garaagarummaa looga Afaan Oromoo Hawaasa Oromoo Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaafi Aanaa Dugdaa keessatti argaman Oromoo Waayyuu ArsiifI Jiillee Tuulamaa irratti xiyyeeffata. Garaagarummaan looga Afaan Oromoo Haawasa Oromoo jidutti mul'atu of duratti maal geessuu akka danda'u irrati xiyyeefate qofaatti fudhatanii namonni xiinxalan heddu akka hin taanee ni amanama. Ka'umsi qorannoo kanaas,qorataan jiruu isaa waggoota hedduuf naannoo kanatti gaggeessaa waan tureef hawaasni Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa looga Afaan Oromoo haala tokkoon itti fayyadamuu dadhabuu isaaniiti.

**Gaaffiiwwan ka'umsaa kunis**:

- Hariiroon itti fayyadama afaanii hawaasa Oromoo Waayyuu Arsiifi jiillee Tuulamaa maal fakkaata?
- Loogni Afaan Oromoo hawaasa Oromoo Arsiifi Jiillee Tuulamaa sadarkaa kam irratti mul'ata?
- Garaagarummaa loogaa hawaasa Arsiifi Jiillee jiddutti maaltu uume?
- Garaagarummaan loogaa hawaasa Oromoo Arsiifi Jiillee Tuulamaa adda addummaan yoo itti fufe maal qaqqabsiisu danda'u?
- Loogni Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa guddina Afaan Oromoof gumaachi inni taasisu maal fa'a? .

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooroofi gooreetti qoodamee dhiyaatee jira.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon walii gala qorannoo kanaa, garaagarummaa loogaa Afaan Oromoo hawaasa Oromoo jidduu jiru xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa immoo:

- Sadarkaalee loogni Afaan Oromoo hawaasa Waayyuu Arsiifi Jiilee irratti mul'atu ibsuu;
- Wantoota garaagarummaa looga hawaasa Arsiifi Jiillee uumuu danda'an adda baasuu;
- Walitti dhufeenya looga hawaasa Oromoo Arsiifi Jiillee xiinxaluu;
- Guddina Afaan Oromoof gahee loogni hawaasa Oromoo Waayyuu Arsiifi Jiillee qabu ibsuu;kunis,garaagarummaan loogaa akka xiqqaatu gochuun gara waaltinnaatti fiduun.
- Hariiroon karaa afaanii hawaasa Oromoo Arsii Waayyuufi Jiillee Tuulamaa jidduu maal akka fakkaata ibsuuf.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun Faayidaalee armaan gadii qabaata jedhamee yaadama. Isaaniis:-.

- Barsiisota, hayyoota barnoota afaaniitiifi xiinqooqaatiif gahee olaanaa qaba; Toora interneetii irratti gadhiisuun akka argatan gochuun.
- Barreessitootaafi ogeeyyii kitaaba barnoota afaanii qopheessaniif, waaltina afaanii eeguun kitaabota qopheessan ni jajjabeessa jedhamee yaadama.
- Barsiisotaafi barattoota afaanii jiddutti garaagarummaan loogaa akka hinuumamne gargaara.
- Namootaafi qaamota mata duree kanaan walfakkaatu irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif, ka’umsa ta’uun nigargaara

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun mata duree”Xinxaala Garaagarummaa Looga Afaan Oromoo Hawaasa Oromoo Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kobolchaafi Aanaa Dugdaa Irratti” xiyyeeffachuun kan hojjatamuudha.Yaadni ijoon qorataa garaagarumma looga Afaan Oromoo Hawaasa Oromoo Waayyuu Arsiifi Oromoo Jillee Tuulamaa jidduutti mul’atu ifa baasuun ibsuuf yoo ta’u, qabanni aanaalee lamaan kanatti daangeffameef Oromoonni Jiillee aanaa kanatti argaman gosoota Tuulamaa yoo bakka bu’an Waayyuun immoo gosoota Arsii jalatti waan hammatamaniifi haalli teessuma isaaniis qorannoo kana gaggeeessuuf mijataa ta’uusaati.Xiinxalli kun namoota umriin isaanii waggaa afurtamaafi achii ol ta’an ilaallata. Sababni namoota umriin olka’aa qorataan filateef dhaloonni haarofni barnoota idilee argatanirraa looga hawaasa kanneen bakka bu’u argachuun rakkisaadha.Loogni nama baratee looga waalta’e heddummaata waan ta’eef looga qo’achuuf mijataa hinta’u.Qorataan hawaasa lamaan kanneen keessaa namoota qorannoo kana galmaan naaf gahu jedhee dhiira jahaafi dubara afur fudhachuun daangesseera.Namoota muraasa wanti filaateef yeroo,baasiifi humna qusachuun kaayyoosaa galmaan gahuuf waan karoorfateef.

### 1.6. Hanqinna Qorannichaa.

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu rakkooleen gara garaa mudachuu nidanda’ama. Kanu marraa ka’uun qorataaniis hanqinoonni qorataa qorannoo isaa of duraa keesatti mudachuu danda’a jedhee yaadu wixinee qorannoo isaa kana keessatti akka armaan gadiitti lafa kaa’a.

- Hanqina maallaqaa. Hanqina maallaqaa isa qunname qorataan qusannaafi karooratti fayyadamuun qo’annoosaa fiixaan baaseera.
- Yeroo isaaf qabame keessatti xumuramuu sodaatu jira. Kunis, hojii mana mootummaa waan ta’eef akka barbaadetti qorataan socho’uun qormaata isaa gaggeessuunfiixaan baasuurratti rakkoon qunnamuu danda’a yaada jedhu qaba. Isa kana yeroo boqannaafi altokko tokko eeyyama gaafachuun qo’nnoosaa gaggeesseera.

# BOQONNAA LAMA

## Sakattaa Barruu

### 2.1. Seensa

Akkuma maqaasaarraa hubachuun danda'amu barruun hujiiwwan garagaraa duraan dhimmicharratti yookiin kan isaan wal ilaallaturratti hojjataman sakatta'uudha.Berg(2001:19) sakattaa barruu yoo ibsu, "A literature review is an account of what has been published on a topic by accredited scholars and researchers," jedha.Qorannoo tokkoof hojiiwwan kanaan duraa sakatta'uun baay'ee barbaachisaadha. Barreeffamoonni armaan duraa kan mataduree qorannichaatiin hidhata qaban sakatta'uun faayidaan inni qabu ogummaa odeeffannoo isaatiin hidhata qaban addaan baasuu,qindeessuu,gadifageenyaan xiinxaluufi ibsuun gabbifata Addunyaa Baarkessaa (2011:57).

### 2.2. Xiinlooga

Qorannoo afaanii keessatti akkaataan afaan tokko itti qoratamu, akkaataan afaan tokko itti sagaleeffamuufi itti baratamu akkasumas mata duree qorataa kan ta'e amala afaanii keessaa looga garagaraatti akkataan itti hiramuu danda'u kan bira hindarbineedha.

Xiinloogni saayinsii looga yookaan loogota qo'atuudha. Garaagarummaa afaan keessatti sababa naannoo yookiin hawaasummaatiin uumamuu kan qo'atuudha.Dialectology and Standardization(2014:29-30) Yunivarsiitii Adaamaa hayyuu George Wenker waabeffachuun Seenaan xiinloogaa kan jalqabe naannoo (1876) Mana Barumsaa Sadarkaa 2$^{ffaa}$ keessatti Afaan Jarmaan barsiisaa yoo ta'u, bar-gaaffii barreesee naannoo adda addaa Jarman keessa jiranitti erguun akka gara looga naannoo isaaniitti jijjiiran gaafachuun loogota Afaan Jarman keessa jiran akka qo'ataa ture nihimama. Kanumarraa ka'uun namni kunis loogota afaanicha keessa jiran xiinxaluuf yaaluun qorataa loogaa isa jalqabaa ta'eera. Qorannoo xiinloogaa jalatti gosoonnii xiinqooqaa gara garaa argamuu danda'u. isaan keessaa xinqooqni hujoofi xinqooqni hawaasummaa isaan tokko. Xinqooqa hujoo hiikuun ulfaataadha. Sababni isaas kallattiin jireenya hawaasaa daangaa maleessa ta'uu isaa ti.Xiinqooqa hawaasaa jedhu kan itti fayyadamuun jalqabame naannoo 1939 keessa erga xiinloogni jalqabamee jaarraa tokko booda. Xiinloogni yeroo dura jalqabamu xiyyeeffannoon isaa garaagarummaa afaan keessatti sababa bal'ina teessuma lafaatiin uumaman irratti ture. Bara durii immoo garaagarummaa dubbii namoota afaaan tokko dubbatan irratti xiyyeeffatan irratti xiyyeefata rure

## 2.3. Looga

Xiyyeeffannoon xiinloogaa , looga waan ta'eef , xiinlooga hubaachuuf waa'ee loogaa baruun dirqama ta'a. Namoonnii hedduun looga akka itti aanutti ibsu. Kunis , Kan hin waaltofne, Sadarkaa gadaanaa kan qabu, Kan qotee bulaa,Kan namoota kabajamoo hintanee jedhu (Chambers and Trudgil,2004). Yaadonni armaan olii kunniin hayyoota xiinloogaa birratti fudhatama hin qaban. Hayyoota biratti gama hundaanuu loogonni afaan tokko keessa jiran martinuu walqixa.

Loogni yoo hiikamu akaakuu afaan tokko iddoo tokkotti kan dubbatamu ykn immoo kutaa hawaasaa tokkoon kan dubbatamu sanyiiwwaan afaanichaa biroorraa, jechootaan ,seerlugaan yookiin haala dubbiin kan adda ta'eedha. Addunyaa tanarraa afaanonnii naannoo 6,000 kan jiraatan yoo ta'u afaanota kanneen keessa loogotni naannoo 16,000 ta'an akka jiraatan hayyoonni raga bahu.

## 2.4. Karaalee Loogni Afaan Tokkoo Ittiin Beekkamu

Hayyoonni xiinqooqaa dubbattoonni loogota adda addaa yoo waliigaluu yookiin walhubachuu danda'an afaan takko dubbatu jedhu.Hayyoonni biroon immoo jechoonni loogota garagaraa keessa jiran dhibbeentaa (70%) yoo walfakkaatan afaan tokko akka ta'an ibsu. Yeroo tokko tokko sababoota siyaasaatiin walqabataniin afaan tokkoo akka afaanota adda addaatti fudhatama (Elkert rickford 2001)

## 2.5. Akaakuuwwan Xiinloogaa

### 2.5.1 Xiinlooga Naannoo

Garaagarummaa haala dubbii , yookiin jechoota namoota afaan tokko dubbatan bakka adda addaa jiraatan jidduu yeroo dheeraaf mul'achaa yoo tures, karaa saayinsaawaa ta'een looga qo'achuun kan jalqabame walakkaa jaarraa 19ffaa keessa akka ture ni himama. Xiinloogni garaagarummaa afaanii sababa garaagarummaa iddootiin uumamu qo'atu xiinlooga naannawaa jedhama. Kanumarraa kan hubatamu Afaan Oromoo keessatti loogni baay'innaan mul'atu looga naannoo ta'uudha.

### 2.5.2. Xiinlooga Hawaasummaa

Loogni hawaasummaa namoota naannoo tokko jiratan jidduutti sababoota adda addatiin uumama. Dalby.A(2004) Loogni hawaasummaa agarsiistoonni ittiin mul'atu sadiidha mallattoolee , eertotaafi addaddumma fa'a .Ummata naannoo tokko jiraatu wantoota loogonni akka uumamu taasisan kutaa hawaasaa . saala, umrii, amantii, barnoota, siyaasa, akkaataa, sabummaafi kkf ta'uu danda'a.

## 2.6. Looga Afaan Oromoo

Loogotni Afaan Oromoo keessa jiran ifatti qoratamanii hin beekaman. keessattuu sadarkaaleen loognii itti mula'atu haala dubbii, jechootaafi seerlugarratti hundaa'ee qorannoowwan gaggeeffaman hanga yoonaa argachuun rakkisaadha. Haata'uu malee hayyoonni maraasni loogota Afaan Oromoo addaan qooduufi daangeessuu yaalaniiru.

Hojiin jalqabaa loogaa Afaan Oromoorratti mul'ate bara 1956 kitaaba " The Non Bantu Languages of North-Eastern Africa'. jedhu kan hayyoota Tucker and Bryan jedhamanin yuunivarsiitii Oxford keessatti maxxanafameedha. Hayyoonni kunniin looga Afaan Oromoo keessa jiru bakka shanitti qoodu:- Macca, Tuulama, Ittuu, Arsii, Booranaa fi waardii fa'a.

Hojiin biroo loogota Afaan Oromoorratti hojjatame kan hayyuu Andrew Dalby jedhamuun bara 2004 kitaaba ''Dictionary of languages '' jedhu keessatti dhiyaateedha. Hayyuun kun loogota Afaan Oromoo kaartaanillee agarsiisuuf yaaleera. Dabalataanis , loogota keeniyaafi sumaliyaa keessa jiranis dabalataan dhiyeesseera. Afaan kamiiyyuu dheerinna yeroofi haala teessuma lafaa irraa kan ka'e nijijjiirama, Kana jechuun immoo, afaan tokko umrii dheeraa jiraachuurraa kan ka'e guddachuu, babal'achuufi fottoquu ni danda'a.Akkasumas, haalli teessuma lafaafi bal'inni lafaa hawaasichi akka walitti hindhufne taasisuun jijjiirama afaanichaa ni ariifachiisa yaada jedhu of keessa qaba.Sadarkaaan jireenyaatiifi ilaalchi hawaasichi afaan isaatiif qabu jijjiirama kanaaf sababa ta'uu nidanda'a. kana jechuun sadarkaan jireenya hawaasa afaanichaa dubbatuufi ilaalchi hawaasichi afaanichaaf qabu gaarii yoo ta'e afaanicha dubbatutti waan boonuuf jijjirrama kanaaf sababa ta'uu dhiisuu nimala. Kana ta'uu baannaan immoo afaanicha dubbachuu akka gadi aantummaatti ilaaluu waan danda'uuf afaan gaaridha jedhee yaadu sana keessa makuun miseensa garee sanaa ta'uu mirkaneesssuf waan tattaafatuuf afaan isaa sana irratti jijjiirama fiduu ni danda'a. kanumarraa kan ka'e jijjiiramni afaanicharratti mul'atu kun sadarkaa loogaa irra darbee afaan tokko afaanota adda addaatti fottoquu danda'a

## 2.7. Loogota Afaan Oromoo(Dialects of Afaan Oromo) irratti Qo'annoo Gaggeeffameen Yaada Hayyoota Adda addaa

Qoqqooddiin looga Afaan Oromoo walhinfakkaatu;qoqqooddii loogaa sadii hanga saddeetii hammata.Bender and Mulugeta(1976:1-2); looga Afaan Oomoo bakka saddeetitti qoodaniiru. Isaanis: Macca (dhiha), Tuulama (jiddugala), Wolloofi Raayya (kaaba), Arsii, Gujiifi Boorana (kibba)fiHarargee(baha). Bu'uurri qoqqooddii qorannoo kanaa dursee ibsamuu baatus qoqqooddii argama teessuma lafaarratti waan hundaa'e fakkaata. Heine(1981:15),looga Afaan Oromoo bakka lamaan gurguddootti qooda, "Central Afan Oromo"and "Tana Afan Oromo". Gragg(1982:12-13) Dabalataan,looga Afaan Oromo naannawa Itoophiyaa keessatti dubbatamu irratti barreessee ture.Afaan Oromoo loogota afuritti akka qoodamu ibsa,isaanis:dhiha (Wallagga, Iluuabbaabooraafi Jimma),jiddugala(Shawaa),baha (Harargee)fi kibba(Arsii-Baalee, Gujiifi Boorana). Kebede(1991), qoqqooddii looga Afaan Oromoo xiindhamsagarratti hundaa'uun naannoo afuritti qoodeera,isaanis:kaaba-dhihaa(Maccaafi Tuulama), baha(Arsii-Baale,Harar,Wolloofi Raayya), jiddugala (ArsiiZuwaay, Gujii, Boorana, Munyoo, Orma)fi kibba (Waata).

LIoret(1994:6),qo'annoo isaa keessatti garaagarummaa looga Afaan Oromoo bantii dhihaafi bantii bahaatiin addaan qooda.Loogni dhihaa (Raayya,Baatee,Maccaafi Tuulama)yoo ofjalatti qabatu;Loogni bahaa(Harar,Arsii,Boorana,Gabra,Ormaafi Waata)ofjalatti hammata. Kebede (2005) Karaabiraan, looga Afaan Oromoo iooga xixxiqqoo naannoo shanitti qoodeera.Isaanis: 1.Waataa,Ormaa, Arsii,Boorana Itoophiyaafi Keeniyaa 2.Tuulamaafi Macca 3.Raayya 4.Harargeefi 5.Baatee Banti(2oo8),qo'annoo isaa keessatti garee looga Afaan Oromoo akka armaan gadiitti kaa'a: 1.Afaan Oromoo kaabaa(Baateefi Raayya) 2.Afaan Oromoo dhihaa(Macca) 3.Afaan Oromoo Shawaa lafa olka'aa(Tuulama) 4.Afaan Oromoo bahaa(Harargee) 5.Afaan Oromoo jiddugalaa (Gujiifi Arsii) 6.Afaan Oromoo kibbaa(Boorana).

> Kebede (2009) conducted extensive research on Oromo dialects as part of his doctoral study based on morphophonemic and phonetic-lexical data, he constructed a genetic tree of Oromo dialects, whereby the dialects were divided into ten genetic groups such as western, eastern,central, northeast south-east-north, Waata, east, north, Wollo and Raya.

Ibsi yaada armaan olii qorataan hayyuu Kabbadaa(2009)qorannoo bal'aa looga Afaan Oromoo hennaa doktorummaasaa gaggeessu (morphophonemic and phonetic-lexical data/xiinsagaa-jechoota)bu'uureffachuudhaan damee sanyiitiin qoqqoodee kaayera. Haalumkanaan,loognni Afaan Oromoo dame sanyii garee kudhaniin kaayaman kunniinis:looga dhihaa,looga bahaa,looga jiddugalaa,looga kibba-baha-kaabaa,Waata,kaaba-bahaa,looga bahaa,looga kaabaa,looga Wolloofi Raayyaa fa'a.

> The most recent work on the classification of Afan Oromo dialect is Feda (2015). He argues that the proposal of new classification of Oromo dialects is required due to three major reason. These are: 1. the previous classifications were done based on subjective comparisons of mainly lexical differences. 2. the past classification sproduced inconsistent results causing confusions toreaders. 3inthe oldclassifications, the labels that are used to identify the dialects are not inappropriate as the names ofOromo subgroups such asMachaand Tulama have been used to refer to the western and the central varieties butnames of geographical areas have beenused toidentify the other varieties.

Yaadni armaan olii akka addeessutti,qorannoo dhiyeenya kana qoqqooddii looga Afaan Oromoorratti hayyuu Fedhaa(2o15)gaggeesse keessatti,qophiin qoqqooddaa haaraa looga Afaan Oromoo sababoota sadiif barbaachise jedhee mormiisaa dhiyeessa.Isaanis:

1.Qoqqooddiin looga Afaan Oromoo durii sun yaada dhuunfaa keessumaayyuu, garaagarummaa jechootaarratti waan hundaayeef,


2.Qoqqooddiin looga Afaan Oromoo duriibu'aan isaa dubbistootaaf yaada ifa hintaaneefi ciccitaa dhiyeessa,

3.Qoqqooddiin looga Afaan Oromoo inni durii moggaasni looga Afaan Oromoo addaan baasuuf itti fayyadamanii turan akka dame Oromoo Maccaafi Tuulamaatti sirriidha.Garuu, maqaaleen teessuma lafaarratti hundaa'uun qoqqoodaman loogota Oromoo adda addaa ibsuuf fayyadamaniiru.

"In his classification, the Oromo language have been divided into five dialects such as west, central, northern, southern,southeast and eastern dialects as indicated in the following tree-

diagram”.Yaadni armaan olii akkaataa qoqqooddii looga Afaan Oromoo hayyuu Fedhaa keessatti,loogota Afaan Oromoo looga shanitti qooda;isaanis:looga dhihaa,looga jiddugalaa,looga kaabaa,looga kibbaa-bahaafi looga bahaatti qoqqooduun akkaataa damee dhanqee mukaatiin agarsiiseera.

Qoqqooddii looga Afaan Oromoo Fedhaan dhanqee mukaatiin kaaye



## 2.8. Waaltina Afaanii

Afaan tokko keessatti garaagarummaan loogaa jiraachuun isaa amaluma afaaniiti. Loogonni afaan tokko keessa jiran garuu babal'atanii, waliigaltee dhabamsiisuun afaanota adda addaatti akka hinfottoqne eeguun barbaachisaadha. Sababni isaas tokkummaafi jaalalli hawaasa afaanicha dubbatuu jidduu jiru akka hinlaafneef. Hawaasni afaanota adda addaa dubbatan maddi isaanii tokko ta'ullee akka hawaasota adda addaatti of ilaalu. Kanaafuu afaan waaltessuun loogonni afaan tokkoo afaanota adda addaatti akka hin fottoqne gochuun rakkoo kana irraa hambisuun waltinni afaanii baay'ee barbaachisaadha. Afaan fayya qabeessi tokko kana qabaachuun isaa dirqamaadha. Gaaffiin afaan : afaan barnootaa , afaan miidiyaa, afaan hojii , afaan saayinsiifi teeknoolojii haata'uu jedhu gara waaltiinaatti nama geessa. Afaan dubbiirratti garaagarummaa qabu yookaan loogalee hedduu qabu gara barreeffama akkasumas , gara waaltinaatti yeroo deemu tokko ta'uu qaba, seera qabaachuu qaba, haalli ittiin barnootni gaggeeffamu mijaa'uu qaba.

Hayyuun Crystal(1985) akka ibsutti "Afaan waalta'e yookiin loogni waalta'e hawaasa afaan sana dubbatu biraatti afaan olaantummaa qabuudha.'' Afaan waalta'ee garaagarummaa loogaalee jidduutti argamu akka tokkotti waligaluun akka danda'amu kan taasiisuuf seerri haalaan hundaa'ee namoota biyya alaa irra dhufanillee barsiisuuf kan ta'uudha . Afaan seera kanaan walhingitne afaan waalta'e hinjedhamu. . Walumaagalatti adeemsa waaltina afaanii isa darberraa kaasnee yoo ilaalamu adeemsi waaltessuu dhimma filannoo hawaasni taasiisu qofa miti. Namoota barataniin kunuunfamuu akka qabu kan hubatamuudha.

# BOQONNAA SADII

## Seensa

Qo’annoon tokko akaakuuwwan qo’annoo keessa  tokko waan ta’eef ,mala addaa kan isa qofaaf tajaajilu hinqabu.Kaayyoosaarratti adda ta’uun malleen qorannoo gaarii tokko hordofa.Qorannoo keessatti qorattoonni dhimmoota hawaasaa kan qo’annoo tokkorratti hundaa’uun malleen haallan sanaaf mijataa filatu.Malleen qorannoon ittiin gaggeeffaman garuu, isa “kanatu guutumaan guututti cimaa” yookaan isa “kanatu guutumaan guututti laafaa” jechuun rakkisaadha.

## 3.1. Malleen  Qorannichaa

Qorannoon kun kan geggeeffame  gosa qorannoo akkamtaa ta’ee jechaan kan ibsamuufi kaayyoo kaayame odeeffannoo walitti qabamuun kan galmaan gahuudha.Qo’annoo kana keessatti kan irratti xiyyeeffatamu sadarkaaleen loogaa hawaasa Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa hubannoo akka argatuufi sirriitti akka beekamuuf. Sababni mala kana filateef qorannoo kana keessatti oddeeffannoo funaanname  jechaan addessuuf waan kaayyeffameef.

### 3.2.Madda  Ragaalee

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa, madda ragaa tokkooffaadhaan kan gaggeeffameedha. Kunis, hawaasa barnoota idilee hinarganne qofaa of keessatti kan hammate ture. Sabababni namoota barnoota idilee hinarganne filateef namoonni baratan yeroo baay’ee jechoota waalta’anitti fayyadamu waanta’eef  looga hawaasa tokkoo bakka bu’uu hindanda’u. Hirmaattonni qo’annoo kanaa akka kaayyoo qo’ataatti kan filatamaniifi mala qo’annoo akkamtaaf kan barbaachisaniidha. Akkaataa armaan oliitti ibsamee kanaan, galmaan gahiinsa qorannoo kanaaf  jecha odeeffannoon  kan  irraa funaanamuuf yaadamee, af-gaaffii namoota hinbaranne keessaa filachuu- dhaaniifi daawwannaan odeeffannoon walitti qabameera. Haaluma kanaan,hawaasa  keessaa namoota dhalootaan Oromoo ta’an dhiira jahaafi dubara afur fudhachuun irratti hojjatameera.

### 3.3. Iddattoofi Iddatteessuu

Kanneen odeeffannoon kun ilaallatu hunda irraa odeeffannoo funaanuun, sababii baajataafi hanqina yerootiin kan ka'e rakkisaa ta'uu danda'a. Kanarraa kan ka'e qoratichii iddattoo filachuuf murteessee jira. Qoratichi qorannoo kana galmaan naa gaha jedhee gosti itti gargaarame iddatteessuu miti-carraa (Non probable sampling) dha. Gosa iddatteessuu miti-carraa keessaa immoo iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling) gargaaramuuf murteessuun dhimma itti baheera. Dhimma kana Berg, (2001:32), "When developing a purposive sample, researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population" jechuun cimsa. Kanaafuu, gosa iddatteessuu miti-carraa akkayyoo keessatti qoratichi ta'e jedhee carraadhaan ala ofii isaatiin iddattoo isa barbaachisu kan filate ta'uu nuhubachiisa.

Armaaan oliitti akkuma ilaallu iddatteessuun miti-carraan, carraadhaan ala ta'e jedhee qoratichaan kan filataman ta'uufi maqaa adda addaatiin kan beekamuu ta'u nu hubachiisa. Kuniis, kaayyoo fi amala qorannichaa irratti hundaa'uudhaan kan murtaa'u ta'uu,akkasumas, qorannoo iddoo murtaa'aa ta'e,qaama bal'aa ta'eef oolchuuf akka fayyadu agarsiisa.Kanumaan walqabatee, gosa iddatteessuu miti-carraa keessaa iddatteessu akkayyootti gargaaramee jira. Akkayyoo kan jedhameefis,''akka kaayyoo''qorannichaatti yookaan qoratichaatti odeeffataa yookaan deebistoota filachuu waan ta'eef. Sababni isaas,iddattoowwan filataman kaayyoo qorannichaafi qabiyyee qorannichaa irratti waan hundaa'aniifiidha.

### 3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Meeshaaleen funaansa odeeffannoo, odeeffannoo ifaa, haqa ta'e kennuufi milkaa'ina qorannoo sanaaf gumaachi isaan qaban olaanaadha. Kunis, ta'uu kan danda'u meeshaalee funaansa odeeffannoo of eeggannoon yoo itti gargaaramneefi haala sirrii ta'een yoo itti fayyadamneedha. Meeshaalee funaansa ragaalee qorataan fiixaan bahiinsa qorannoo isaatiif ittifayyadame kanneen akka daawwannaafi af-gaaffii fa'a.

#### 3.4.1 Daawwannaa

Daawwannaan malleen odeeffannoo funaanuu keessaa tokko ta'ee, kan qorataan qaamaan argamuun wanta arguufi dhagahu hubachuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e funaannatuudha. Kothari (1985:96) ''Under the observation method, the information is sought by way of investigator's own direct observation without asking from the respondent.'' Kanarraa kan hubannu daawwannaan kan qorataan qaamaan dhihaatuun odeeffannoo barbaadu deebistoonni

osoo isa hinbarbaachisin ofuma isaatii funaannatu ta'uu isaati. Eegaa as irraa wanti hubannu daawwannaa irraa odeeffannoo quubsaa ta'e argachuuf cheek-liistii qopheeffachuun qaama garee daawwatamuu ta'anii dhihaachuun muuxannoo garee daawwatamuu sana beekuuf barbaachisaa akka ta'eefi faallaa kanaatiin ta'a yoo ta'e ammoo, muuxannoofi odeeffannoo hamma barbaadamuu sana argachuun rakkisaa ta'uu akka malu nuhubachiisa.Haaluma ibsa armaan oliirratti hundaa'uun qorataan yeroo jaarsonni dubbii dubbataniifi guyyaa gabaa daawwannaa gaggeesseen odeeffannoo sassaabbateera.Odeeffannoon haala kanaan sassaabame odeeffannoo afgaaffiin walitti qabamaniif tumsa olaanaa taasiseera.

### 3.4.2. Af-gaaffii

Qorataan afgaaffii caaseffamaafi gariin caaseffamaa haalli ijaarsa isaanii garee chootaatiifi gosoota gaalee mara kan hammate lakkoofsaan 190 ta'an Afaan Ingiliiziitiin qopheefachuun Afaan Oromootti jijjiiruun dhiira jahaafi dubar afur hawaasa waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa keessaa filatamaniif dhiyeessuun ragaan walitti qabameera.

Afgaaffiin kan qorataaniifi odeef-kennaan qaamaan walqunnaamuun, qorataan odeefanoo qorannoo isaaf barbaachisu ittiin sassaabatuudha. Loraine Blaxter & others( 2006:176) akkanatti ibsu, "A face to face contact is made with the informants ( persons from whom the information is to be obtained) under this method of collecting data. The interviewer asks them questions pertaining to the sarvery & collects the desired information'' jedhu. Eegaa kun kan nu hubachiisu af-gaaffiin kan qorataafi odeef-kennaan haasa'a afaaniitiin yaada wal jijjiiran yoo ta'u, kunis, qaamaan walbiratti argamuun yookaan bilbilaan adeemsifamuu danda'a

### 3.5. Adeemsa Odeeffannoo Qindeessuu

Odeeffannoon mala af-gaaffiifi daawwannaadhaan funaannaman muuxannoo qaacceessa ragaalee bu'uureffachuun qindaa'ee jira. Odeeffannoon daawwannaa (argaafi dhageettii)fi afgaaffiin argamanis addaan ba'uun cuunfamanii gabatee keessa kaa'uun addeeffamaniiru.

### 3.6. Mala Odeeffannoon Ittiin Hiikamuufi Ibsamu

Qorataan odeeffannoo bifa daawwannaafi afgaaffiin argaman fakkeenyotaafi ragaadhaan deeggaruun xiinxalee jira. Af-gaaffii (interview) bifa caaseffamafi gariin caaseffamaa qopheessuun namoota kudhanii aanaalee lamaanirraa filamaniif dhiyeessuun walitti qabee gabateetti fayyadamuun hiikaafi ibsa itti kennuun xiinxalee jira.Odeeffannoon bifa daawwannaatiin walitti qabaman sirrummaa odeeffannoo bifa afgaaffiitiin sassaabaman

mirkaneeffannaaf gargaara. Odeeffannoon bifa daawwannaatiin dirreerraafi bifa afgaaffiitiin walittiqabaman waldeeggaru. Dhuma irratti odeeffannoon bifa af-gaaffiif dirree irratti bobba'uun qabatamaan walitti qabaman gabateetti fayyadamuun xiinxalamanii jiru. Haalumakanaan, odeeffannoon funaanamanii gabatee keessatti tarreessuun fakkeenyotaafi ragaadhaan deeggaramanii xiinxalaman karaalee mala qorannoo akkamtaatiin hiikaafi ibsa argatanii jiru jedhamee yaadama.

# BOQONNAA AFUR

## Hiikaafi Ibsa Odeeffannoo

### 4.1.Seensa

Xiinxala garaagarummaa looga hawaasa Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa irratti xiyyeeffate boqonnaa kana jalatti odeeffannoon bifa afgaaffiifi daawwannaatiin sassaabaman ragaadhaan deeggaruun qaacceffamaniiru.Garaagarummaan looga Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa jidduu jiru sadarkaa xiinsagaa, dhamjechaa, xiinjechaa, caas-himaafi garaagarummaa hiikaatiin adda baasuun xiinxalamaniiru.Xiinxalli loogaa kunis kan gaggeeffame garaagarummaa afaan tokko jiddutti sababa garaagarummaa iddootiin uumamu looga naannoofi seenduubee walittidhufeenya hawaasni tokko waliin qabu irratti xiyyeeffachuudhaan; sababa teesuma naannoorraa kan ka'e hawaasa lamaan kanneen jiddutti garaagarummaan loogaa jiraachuunsaa mirkanaa'eera.

### 4.2.Garaagarummaa Loogaa Hawaasa Oromoo Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa Sadarkaa Xiinsagaa, Dhamjechaa, Xiinjechaa, Hiikaafi Caaslugarratti Mul'atan:

Xiinsagni damee xiinqooqa callaa ta'ee saayinsii waa'ee sagalee dubbii xiinxaluudha. Dhamjechi hennaa, lakkoofsaafi koornaya of jalatti qabata. Jechi sagaleelee dubbii akkaataa hiika qabaachuu danda'aniin walfaana bu'uun kan ijaaramuudha. Xiinhimni qo'annoo akkaataa jechoonni sirnaan walitti qindaa'anii gaaleefi hima uuman kan xiinxaluudha. Garaagarummaan hiikaa jochoota loogota adda addaa keessatti argaman garuu, hiikaan adda adda ta'aniidha. Walumaagalatti,namoonni afaaniin(haasaadhaan) yeroo yaada waliif dabarsan sagalee afaanichaa qindeessanii birsaga uumu, birsaga qindeessanii jecha uumu, jechoota qindeessanii hima ijaaru.

**4.2.1.Garaagarummaa Loogaa Gama Xiinsaga(phonology)/Haala Dubbiitiin Mul'atan:**

| Lakk | **Looga Jiillee Tuulamaa** | **Looga Waayyuu Arsii** |
|---|---|---|
| 1 | fe'uu / ' / | fedhuu / dh / |
| 2 | ka'aa / ' / | kadhaa / dh / |
| 3 | dubba'u / ' / | dubbadhu / dh / |
| 4 | mar'a'aa / ' / | mar'adhaa / dh / |
| 5 | bara'u / ' / | baradhu / dh / |
| 6 | jabaa'u / ' / | jabaadhu / dh / |
| 7 | kaka'u / ' / | kakadhu / dh / |
| 8 | ulfaa'u / ' / | ulfaadhu / dh / |
| 9 | sirrii'a / ' / | sirriidha / dh / |
| 10 | ku'a lama / ' / | kudha lama / dh / |
| 11 | ba'aa'ina / ' / | badhaadhina / dh / |
| 12 | fuu'ame / ' / | fuudhame / dh / |
| 13 | kaawa'u / ' / | kaayadhu / dh / |
| 14 | ar'a / ' / | adha / dh / |
| 15 | qal'aa / l' / | qadhaa / dh / |
| 16 | hir'uu / r' / | dhidhuu / dh / |
| 17 | qaqal'isuu / l' / | qaqadhisuu / dh / |
| 18 | hir'ina / r' / | dhidhinna / dh / |

Akkuma gabatee armaan olirraa hubatamutti haala dubbii hawaasni naannoo tokko jiraaturraa kan ka'e sagaleelee Afaan Oromoo keessatti itti fayyadamuu qaban keessaa muraasa jechoota yoo waaman gatuun nimul'ata. Fakkeenyaaf, sagaleen /dh/ looga hawaasa Oromoo Jiillee Tuulamaa keessatti itti hinfayyadaman, sagalee (' ),(l')fi (r')n bakka bu'ee argama. Jecha isaan itti fayyadaman fe'uu (fedhuu) yoo fudhanne waayyuu Arsiitti hiika biraa nuuf kenna. Meeshaa harreerra kaayanii fe'umaan itti hidhuudha. Looga Jiillee Tuulamaatti jechi ka'aa(kadhaa) jedhu;namoota looga Arsii Waayyuu dubbataniif ol jedhaa(haa deemnuu) jechuudha.

Hawaasni  Jiillee sagalee /h/ jechoota muraasa  keessaa yoo gatan mul'ata.

| | | |
|---|---|---|
| 19 | Okkolaa | Hokkolaa |
| 20 | Offaltii | Hoffaltii |
| 21 | albaa'essa | Halbaadhessa |
| 22 | Ijaaba | hijaaba |
| 23 | Obonboleettii | Hobomboleettii |

Hawaasa Oromoo Jillee  Tuulumaa sagaleelee Afaan oromoo keessaa sagalee /h/ yeroo  tokko tokkoo yoo gatan ni mul'ata.

Hawaasni Jiillee jechoota keessatti sagalee/ch/yoo heddummaatan,Waayyuun sagalee/t/bakka buusuun Yoo itti fayyadaman mul'atu.

| | | |
|---|---|---|
| 24 | nyaachuu / ch / | nyaatuu / t / |
| 25 | irraanfachuu / ch / | irraanfatuu / t / |
| 26 | baachuu / ch / | baatuu / t / |
| 27 | sodaachuu / ch / | sodaatuu / t / |
| 28 | gaafachuu / ch / | gaafatuu / t / |
| 29 | wayyachuu / ch / | wayyatuu / t / |
| 30 | damdamachuu /m/, / ch / | dandamachuu / t / |
| 31 | gabbachuu / ch / | gabbatuu / t / |
| 32 | abdachuu / ch / | abdatuu / t / |
| 33 | filachuu / ch / | filatuu / t / |
| 34 | furdachuu / ch / | furdatuu / t / |
| 35 | guddifachaa / ch / | guddifata / t / |
| 36 | irreecha / ch / | irreessa / t / |

Hawaasni Oromoo Jiillee Tuulamaa sagaleelee Afaan Oromoo  keessaa sagalee /ch/ jechoota baay'ee keessatti yoo dhimma itti bahan,  Waayyuun Arsii immoo, sagalee /ch/ sagalee/t/n bakka buusuun itti fayyadamu. Inni biroo, jecha Oromoon Jiillee Tuulamaa irreecha jechuun yaamu; Oromoon Waayyuun Arsii irreessa jechuun yaamu. Kana sagalee /ch/, sagalee /s/n bakka buusuun itti fayydamaniiru.

Bifa firoomina sagaleetiin jechoota uumaman

| | | |
|---|---|---|
| 37 | wanta / t / | wanna / n / |
| 38 | baqsuu / q / | bassuu / s / |
| 39 | tiksuu / k / | tissue / s / |
| 40 | fottoqsuu / q / | fottossuu / s / |
| 41 | jigseera / g / | jisseera / s / |
| 42 | oksuu / k / | dhossuu / s / |
| 43 | miliqsuu / q / | milissuu / s / |
| 44 | digdama / g / | diddama / d / |
| 45 | gogsuu / g / | gossuu / s / |
| 46 | tiksi / k / | tissi / s / |
| 47 | doqna / q / | dondha / dh / |
| 48 | baqse / q / | basse / s / |
| 49 | gumgumuu / m / | gungumuu / n / |
| 50 | mii’agduu / ‘ /,/ g / | midhaadduu / dh /,/ d / |
| 51 | kaksiisuu / k / | kassiisuu / s / |

Afaan Oromoo keessa sagaleelee jiraniin yoo jechoonni uumaman sagaleelen firoomina (assimilation) haala walitti dhiyeenya iddoo uumamaaan bakka walii bu’an jiru. Bakka walii haa bu’an malee jijjirama hiikaa hinfidan. Dhamsagoonni ollaa walii jiran amala isaanii walii ergisuun guuutumatti yoo bifaan walfakkaatan firoomina guutuu jedhama.Fakkeenyaaf,Jiillee Tuulamaa milqsuu,tiksi,digdama jedhanii yaaman;Waayyuu Arsii ammoo, milissuu, tissuu, diddama, jechuun yaamu.

Firoomina gamtokkee kanjedhamu ammoo,dhamsagoonni amaloota muraasaan walfakkaachuu isaanii agarsiisa.Fakkeenyaaf, hawaasni Jiillee Tuulamaa gumgumuu yoo jedhan Waayyuu Arsii gungumuu jedhanii yaamu.

Jechoota bifa firoomina fagootiin hawaasa Jiilleefi Waayyuu jidduutti uumaman

| | | |
|---|---|---|
| 52 | boowuu / w / | booyuu / y / |
| 53 | madaquu / d / | maxaquu / x / |
| 54 | hamma ammaa / m / | haga ammaa / g / |
| 55 | kara / k / | gara / g / |
| 56 | aayaa __ | aayyaa / y / |
| 57 | qabbanaa'a / ' / | qabbanaaya / y / |
| 58 | gahaa / h / | gayaa / y / |
| 59 | otoo / t / | odoo / d / |
| 60 | micoo / i /, /-oo / | Mucattii / u /,/-ttii / |
| 61 | haarawa / w / | haaraya /y/ |
| 62 | beelawe / w / | beelaye / y / |
| 63 | boowa / w / | booya / y / |
| 64 | godaannisa / o / | gadaannisa / a / |
| 65 | mi'a / ' / | miya / y / |
| 66 | xixinneessuu / x /,/ x /,/ n / | didiqqeessuu / d /,/ d /,/ q / |
| 67 | lakkaawuu / w / | laakkayuu / y / |
| 68 | mooraa / r / | moonaa / n / |
| 69 | jaanja'uu / ' / | jaanjayuu / y / |
| 70 | raata'aa / '/ | raatayaa / y / |
| 71 | bashaa / sh / | bassaa / s / |
| 72 | bishaan / sh / | bisaan / s / |
| 73 | woonfala / w / | hoonfa / h / |
| 74 | walakkaa / w / | hodhakkaa / h / |
| 75 | sokki hibboo / s /,/a/fi /hi/ | lakki abboo / l /fi / a / |
| 76 | akkam /k/ | attam /t/ |
| 77 | deesse / s / | deette / t / |
| 78 | bassoo / s / | bachoo / ch / |
| 79 | goyyoomsuu / y / | gowwoomsuu / w / |
| 80 | hindandeenyu / ny / | hindandeennu / n / |

| | | |
|---|---|---|
| 81 | callisaa /l/ | cadhisaa / dh / |
| 82 | xinnaa / x /,/ n / | diqqaa / d / |
| 83 | fanfansaa / s / | fanfanaa __ |
| 84 | biliccisa / b /,/ i /,/c/ | feleqisa / f /,/ e /, / q / |
| 85 | qarqaari / q / | gargaari / g / |
| 86 | akkasiitii / t / | akkasiimii / m / |
| 87 | eegamuu __ | Eeggamuu / g / |
| 88 | yaa hortu / y / | haa hortu / h / |
| 89 | diddiiruu / d / | jijjiiruu / j / |
| 90 | wajjiin / j / | waliin / l / |
| 91 | didiche / d / | gigisse / g / |
| 92 | yaami /y/ | waami /w/ |
| 93 | gulana / l / | durana / r / |

Hawaasa Oromoo Jiillee Tuulamaafi Arsii Waayyuu jidduutti jechoonni bifa firoomii fagootiin uumaman heddu ta'uusaaniiti.Firoomina fagoo keessatti,dhamsagni tokko dhamsaga isatti aanee jiru dhiisee kan isarraa hiixatutti firoomuu danda'a Addunyaa Baarkessa(2012:79-80). Fakkeenyaaf, jechoota hawaasni Jiillee Tuulamaa woonfala,bishaan,bassoo,qarqaari jedhaniin; Waayyuun Arsii hoonfala,bisaan,bachoo, gargaari jechuun yaamu.Sagaleewwan dubbifamaa iddoo walii bu'uun adda addummaa mul'isan kunniin amala firoomii fagootiin.

Garaagarummaa sababa sagalee dubbachiiftuutiin mul'atan

| | | |
|---|---|---|
| 94 | abjuu / a / | eebjuu / e / |
| 95 | wandabboo / o / | wandabbee / e / |
| 96 | jaalallee / e / | jaalalloo / o / |
| 97 | shuummoo / u / | shiimoo / i / |
| 98 | wantaa / a / | wantee / e / |
| 99 | cillima / a / | cillimii / i / |
| 100 | kobota __ | kobootaa / o /,/ a / |
| 101 | ijoollee / i / | ujoollee / u / |
| 102 | kinoo / i / | kunoo / u / |
| 103 | saruma / u / | sarema / e / |

| | | |
|---|---|---|
| 104 | bishooftu / i / | bushooftu / u / |
| 105 | erguma / er /,/ g / | uddum / u /,/ d / |
| 106 | saddeeqa / e / | saddiiqa / i / |
| 107 | micaa / i / | mucaa / u / |

Gabatee armaan olii irraa wanti hubatamu hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii jidduutti garaagaummaa sadarkaa sagaleelee dubbachiiftuutiin jechoota keessatti mul'atan yoo ta'u,garaagarummaan kunis jijjiirama hiikaa kan hinfinne ta'uusaa hubatamuu qaba.

Hawaasni Jiillee jechoota muraasarraa dhamsaga jalqabaa yoo gatan mul'ata

| | | |
|---|---|---|
| 108 | iyyana ___ | dhiyan /dh/ |
| 109 | okkotee /k/ | ottee ___ |
| 110 | oowwamaa ___ | dhooggamaa /dh/ |
| 111 | a'ame ___ | dhayame /dh/ |
| 112 | eenggadda ___ | dheengadda /dh/ |
| 113 | ugaa ___ | dhugaa /dh/ |
| 114 | akaa ___ | dhakaa /dh/ |
| 115 | ibe ___ | dhibe /dh/ |

Hawaasa Oromoo Jiillee biratti dhamsagoonni jalqaba jechaarratti irraa kutaman hedduminaan kan argaman yoo ta'u,hawaasa Waayyuu Arsii biratti muraasatu mul'ata.

Hawaasa Jiilleefi Waayyuu jidduutti jechoota Kutanii hidhuun uumaman

| | | |
|---|---|---|
| 116 | baruma baraan / um / | barabaraan _ |
| 117 | durumarraa / um / | durarraa _ |
| 118 | ati hoo /i,h/ | atoo _ |
| 119 | kan duubaa /n/ | ka duubaa _ |
| 120 | kan bobaye /n/ | ka bobaye _ |
| 121 | maafan wallaala /f, an/ | maa wallaala _ |

Hawaasa Oromoo Jiillee Tuulamaafi Arsii Waayyuu jidduutti garaagarummaan sababa kutanii hidhuutiin jechoonni uumaman muraasni. Kutanii hidhuun jechoota ofdanda'oo lamarraa kan ijaaramu ta'ee jecha jalqabaarraa gara boodaa irraa,jecha lammataarraa garaduraarraa

kutuudhaan. Jechoonni kutanii hidhuun uumaman irra jireessi hawaasa Arsii Waayyuu biratti ni heddummaatu.

Hawaasa Jiilleefi Waayyuu jidduutti jechoota sababa Waljafuun uumaman

| | | |
|---|---|---|
| 122 | Magra | Marga |
| 123 | Afrii | Arfii |
| 124 | Kofla | Kolfa |
| 125 | Kofalchiisaa | kolfisiisaa |
| 126 | hinkofalla | hinkolfina |

Hawaasa Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii jiddutti garaagarummaan waljafuu sagaleewwaniitiin uumaman muraasni isaan armaan oliiti.Sagaleewwan /g/fi/r/,/f/fi/r/,/f/fi/l/n kan waljafuu danda'aniif sababa adda addummaa loogaatiin.

Hawaasa Jiilleefi Waayyuu jidduutti jechoota bifa koobuutiin mul'atan

| | | |
|---|---|---|
| 127 | Marqaa | Marqa |
| 128 | Nuyi | Nu |
| 129 | Leemmana | Leemman |
| 130 | Haroo | hara/hora |
| 131 | Gabaa | Gabayaa |

Hawaasa Oromoo Jiillee Tuulamaafi Arsii Waayyuu jidduutti bifa koobuutiin mul'atan : Koobuun qaama jechaa gama boodaa jiru kutanii hambisuudha. Qaamni jechootaa gara boodaa kan kutame mul'atu harki caalu hawaasa Arsii Waayyuu biratti.

**Gabatee 1.Garaagarummaa Loogaa Sadarkaa Xiinsaga hawaasa waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa Jidduutti Mul'atan. Jechoota(131) kan qabu.**

Akkuma waliigalaatti, garaagarummaan gama xiinsagaatiin hawaasa Arsii Waayyuufi Jiillee Tuulamaa jidduu jiru heddumina akka qaban  xiinxala kanaan hubatameera.

### 4.2.2.Garaagarummaa Loogaa Gama Dham-jechaatiin Mul’atan:

| lakk | Looga jiillee Tuulamaa | Looga Arsii Waayuu | Hennaa | Lakkoofsa | Koornaya |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | fardeen | faradoo | | -een/-oo | - |
| 2 | hin kofalla | hin kolfina | -a | (-l-/-n-) | hinfuuyu |
| 3 | salphate | fafaaye | -e | qeenxee | dhiira |
| 4 | dabre | tare | -e | qeenxee | dhiira |
| 5 | Micoo | mucattii | - | - | -oo/-ttii |
| 6 | Mica | mucaa | | | -aa |
| 7 | too | tiyyaa | | | saala dubaraa |
| 8 | koo | kiyya | | | saala dhiiraa |
| 9 | teenya | teenna | | | dubara |
| 10 | keenya | keenna | | | dhiira |
| 11 | mukkeen | mukkiin | | -een/-iin | - |
| 12 | Tan | ta | | | saala dubaraa |
| 13 | Kan | ka | | | saala dhiiraa |

**Gabatee2.Garaagarummaa loogaa gama dham-jechaatiin hawaasa Oromoo Arsiifi Jiillee Tuulamaa jiddutti mul’atan.**

Gabatee armaan olirraa akka hubatamutti garaagarummaa looga hawaasa Oromoo Arsii Waayyuufi Jiillee Tuulamaa sadarkaa dhamjechoota hennaa agarsiisaniin gargaarummaa tokkos dham jechi agarsiisu kan hin jirre ta’uusaati.Jechootni dhamjecha hennaa(-e) maxxanfatan Jiillee Tuulamaatti:qabne,kenne,sassatte,boowe,madaqe,gumgume,okse,eegame,abdate,qare,filate,dabre Yaadachiifte,salphate yoo ta’an; Waayyuu Arsii biratti dhamjechi henna(-e) agarsiisan:qabne, qussatte,booye,maxaqe,gungume,dhosse,eeggame,hedate,xile,cokate,tare,qaabsifte,fafaaye kanneen jedhamaniidha.

Hawaasa Oromoo Jillee Tuulamaafi Arsii waayyuu jidduutti garaagarummaan loogaa sadarkaa dhamjechoota lakkoofsa agarsiisan hennaa ilaallu; namoonnni looga hawaasa Oromoo Jiillee

Tuulama dubbatan( fardeen, hin kofalla, mukkeen, agarre,) jchoota jedhaman  keessatti dham jechoonni lakkoofsa agarsiisan tartiibaan (-een),(-1-),(-een) (-r-) fa’a.Hawaasa Oromoo Waayyuu Arsii biratti faradoo (-oo) hin kolfina (-n-) mukkiin (-iin), argine (-n-) isaan jedhaman garaagarummaan muraasni hawaasa lamaan kana  jidduutti akka mul’atu taasisaniiru.

Dham-jechoonni garaagrarummaa loogaa hawaasa Jiillee Tuullamaafi Arsii Waayyuu jidduutti koornaya agarsiisan keessaa namoota looga  Jiillee Tuulamaa dubbatan birattii  micoo (-oo) saala dubaraa agarsiisa.

Dabalataanis, latiin(tan) saala dubaraa yemmuu agarsiisu,latiin(kan)jedhu immoo,saala dhiiraa agarsiisa. Bamaqaalee abboomii agarsiisaan immoo, too, teenya, saalaa dubara yemmuu agarsiisaan;koo,keenya saala dhiiraa agarsiisu.

Namoota looga  Arsii Waayyuu  dubbatan birattii ammoo, mucattii (-ttii)n saala dubaraa mul’isa; Bamaqaalee abboomii agarsiisan   tiyya, teenna, saala dubaraa yoo agarsiisan;kiyya,keenna saala dhiiraa agarsiiu. Namoota looga Arsii Waayyuu  dubbatan biratti  dham-jechi (Ta) saala dubaraa, dham-jechi (ka)n ammoo, saala dhiiraa agarsiisa.

### 4.2.3.Garaagarummaa Loogaa Gama Xiin-jechaa(Morphology)

Garaagaummaan jechootaa dubbattoota afaan tokkoo keessatti yoo uumame;afaanicha keessatti looga uuma. Loogni Afaan Oromoo keessa jiran hedduun isaanii garaagarummaa jechootaa agarsiisu. Garaagarummaan jechootaan dhufu, waliigaluu dubbattoota loogotaa jidduutti rakkoo uumuu danda'a. Dubbattoonni afaan tokkoo yoo gargar fagaatanii jiraatan,haala qilleensaa, teessuma lafaa,biqiltoota,bineensotaafi jiraattota ollaa adda addaa waliin akka jiraatan ta'u. Kun immoo,jechoonni adda addaa bakka adda addaatii gara afaanichaa akka seenan taasisa. Dialectology and standardization(2014:35) Yunivarsiitii Adaamaa Muummee Afaan Oromoo.

#### 4.2.3.1.Garaagarummaa Loogaa Sadarkaa Jechaan Garagaraa Hiika Walfakkaataa Qaban

| **lakk** | **Looga Jiillee Tuullamaa** | **Looga Arsii Waayyuu** |
|---|---|---|
| 1 | albee/ goloodoo | manshee |
| 2 | adabuu | itti yaasuu |
| 3 | alooyyee | dhibee horii |
| 4 | amaadii (ba'aa'ina) | gabbina /quufa/misa |
| 5 | alli haa deebi'u | duulli haa galu |
| 6 | angubaa | bora |
| 7 | abbaa sangaa | waan aduu/ cinna |
| 8 | adurree | basurree |
| 9 | atattamaan | daddafaan |
| 10 | badaa | hamaa |
| 11 | bookkisuu | barooduu /bookkisuu |
| 12 | baay'ee dheeraa | loqqattii/laxxobbaa/loqii/ birbirsa |
| 13 | bu'aa ba'ii | gooddaa giraaba |
| 14 | beellama | haaganaa |
| 15 | beellamuu | haagansuu |
| 16 | barcaa/okkotee /kurfoo | ottee |
| 17 | bodeettii /fokkiftuu | bushooftuu |
| 18 | bilicisa | mashisa /feleqisa |

| | | |
|---|---|---|
| 19 | busqee /jaalallee | jaalalloo/goshoo |
| 20 | balleessuu | camcammeessuu/afoolleessuu |
| 21 | bosoqa | caffaa |
| 22 | booddee | maayii |
| 23 | Buuphaa | killee/kallee |
| 24 | bira | Laddaya |
| 25 | cuukkoo | micciirraa |
| 26 | cafallaqame | loobbaye/ leenfame |
| 27 | corroqa mooraa | duduba moonaa |
| 28 | coqorsa | qorxoo |
| 29 | gogaa namaa | coraa |
| 30 | dongoraa | sorfaa |
| 31 | dabalate | eda'ate |
| 32 | dubbii dabsuu | qaaqa micciiruu |
| 33 | deebi'e | dacha'e |
| 34 | dubba'e | gungume |
| 35 | dubbii barbaaduu | qaaqa soquu |
| 36 | dubartii | beera/ nadhiin |
| 37 | dafqa | fuuruu |
| 38 | darrattaa'e | dirmammaa'e |
| 39 | mi'a /meeshaa manaa | miya manaa/meeshaa/kotota |
| 40 | dargaggeessa | qeerroo /ka'ima |
| 41 | dabaree | kochoo/koroo |
| 42 | dikee | kosii |
| 43 | addacha | muka ajoo |
| 44 | ejjachuu | dhaabatuu |
| 45 | eeffana | mirgoo |
| 46 | filachuu | cokuu |
| 47 | fuuldura | afoo |
| 48 | fal'aana | mooqqaa |

| | | |
|---|---|---|
| 49 | fidaannoo | kaayoo uumaa |
| 50 | fittaalaa | nama bareedaa |
| 51 | faatii | dalaguu/gajafuu |
| 52 | finqilaachuu | ol utaaluu |
| 53 | foqoquu | shunquuquu |

**Gabatee3.Garaagarummaa loogaa sadarkaa jechaan garagaraa hiika walfakkaataa qaban.**

Garaagarummaan loogaa sadarkaa jechaan garagaraa hiikaan walfakkaatan hawaasa Oromoo Arsii Waayyuufi Jiillee Tuulamaa jidduutti bal'inaan jiraachuun mirkanaa'eera. Garaagarummaa kunis, jechuma tokkotu hiikaan tokko ta'ee moggaasa adda addaa qaba.

Jechoota armaan olitti tarreeffaman garaagarummaa loogaa sadarkaa jechaan garagaraa hiikaan walfakkaatan(tokko) ta'an hawaasa Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa jidduutti baay'inaan akka argaman qorataan mirkaneesseera. Garaagarummaan loogaa sadarkaa jechootaan garagaraa hiikaan tokko ta'an kunniin waliigaluu dubbattoota loogotaa jidduutti rakkoo uuma. Hawaasa Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa jidduutti garaagarummaan sadarkaa jechootaa kan uumameef afaan tokko haa dubbatan malee gargar fagaatanii jiraachuusaaniifi walitti dhufeenyi hawaasa lamaan kana jidduu jiru laafaa ta'uusaatiin.

**4.2.3.2.Garaagarummaa Loogaa Jechoota Walfakkaataa Hiika Garagaraa Qaban:**

Jechoonni hawaasa Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaatiin dubbataman garuu,hiikaan gargar ta'an muraasni isaanii gabatee armaan gadii keessatti hiikni itti laatameera.

| Jechoota | Looga Jillee Tuulamaa | Loogaa Waayyuu Arsii |
|---|---|---|
| 1.falfaluu 2. Moruu | nama qaxxaamuraan qabeenya namaa karaa hin taaneen kan ofii godhu. | 1.falfaluu nama ijisaa hamaa/ nama nama nyaatu/ falfaluu fi budaan tokko2.qaalluu waa namaa himu |
| 2.budaa | nama namaa nyaatu | falfaltuu |
| 3.darsa | meeshaa manaa | bututtuu /wayyaa ciccite |
| 5. bukkee | bira | nama saala lamaa/sodaataa |
| 4.kallee | milkaa'ina | killee/kallee |
| 6. sal'eessaa (sadheessa) | finna osoo jiini geenye dhalattee | daa'ima yeroo dhiyoo keessa dhalatte |
| 7. urata | lafa barii | qaawala/qaawa |
| 8. soquu | muka muruu ykn bocuu | barbaaduu |
| 9. alagaa/halagaa | gosa kan ofii hin taane nyaapha | qabdoo manaa |
| 10. gumgummuu (gungumuu) | ofnyaachuu | 2.dubbatuu 2, ofnyaatuu |
| 11. hooda | fala/kabaja | warwaata/dhiifama gaafatuu |
| 12. haftuu | dubara manatti hafte | dubara heerummaaf geette |
| 13. qurquraa | bishooftuu | maqaa gosa mukaa |
| 14. gombifam | qaari'i/jigi | du'i |
| 15. xeenxiramaa | gammadaa si'ataa | lolamaa |
| 16. raaree | bishaaan cicciittee mul'atu | simbira halkanii |
| 17. oo | awwaannaa dhiiraa fi dubaraa | yeroo qonna qotan sangaa daangaa yoo gahe, oo, jedhu. |
| 18. agadaa | shonkoora | muka boqoolloo |
| 19. addacha | muka qoree baasu | muka jallatti ayyaaneffatan |
| 20. dasee | maashillaa/misingaa | hoccuu butute(ciccite) |
| 21.wantaa | kan diina ofirraa ittisaniin | heektaara hedduu bakka tokkotti |

**Gabatee4. Garaagarummaa loogaa jechoota walfakkaataa hiika garagaraa qaban.**

Gabatee armaan oliirraa wanti hubatamu jechoonni tarreeffaman looga  hawaasa Oromoo Arsii waayyuu fi Jillee  Tuulamaa biratti kan dubbataman ta’anii hiikaan garuu, gargar kan ta’aniidha. Walumaagalatti,ibsoota armaan olitti kennamanirraa kan nuti hubannu loogni yoo hiikamu akaakuu afaan tokko iddoo tokkotti kan dubbatamu yookiin immoo,kutaa haawaasaa tokkoon kan dubbatamu sanyiiwwan afaanichaa biroorraa,jechootaan,seer-lugaan yookiin haala dubbiin adda ta’uusaati. Dialectology and Language Standardization(2014:8)Yuunivarsiitii Adaamaa Muummee Afaan Oromoo.

Afaan kamiiyyuu dheerinna yeroofi haala teessuma lafaarraa kan ka’e nijijjiirama. Kana jechuun immoo, afaan tokko umrii dheeraa jiraachuurraa kan ka’e guddachuu, babal’achuufi fottoquu nidanda’a.Sadarkaan jireenyaatiifi ilaalchi hawaasichi afaan isaatiif qabu jijjiirama kanaaf sababa ta’a.Hawaasni tokko afaan isaa dubbachuu akka gadaantummaatti ni ilaala yoo ta’e afaan gaariidha jedhee yaadu sana keessa makuun miseensa garee sanaa ta’uu mirkaneessuuf waan tattaafatuuf afaan isaa sanarrattii jijjiirama fiduu danda’a. kanummarraa kan ka’e jijjiiramni afaanicharratti mul’atu kun Sadarkaa loogaarra darbee afaan tokko afaanota adda addaatti fottoquu danda’a.

### 4.2.4.Garaagarummaa Loogaa Gama Xiin-himaatiin Mul'atan:

Caas-himni qaama isa bal'aadha.Sababnisaas Afaan Ormoo jechoonni looga adda addaa hawaasa Oromoo naannoo gargaraatti dubbataman Afaan Oromoo keessatti hammatamanii argamu. Himoonni looga hawaasa naannoo Waayyuu Arsiitiin ijaaramu looga hawaasa naannoo Jiillee Tuulamaa biratti haala adda ta'een ijaarama. Haaluma kanaan hawaasa Oromoo Jiillee Tuulamaafi Waayyuu Arsii jiduuttii haala uumama himootaatiin gargar ta'anii garuu hiikaan tokko ta'an wal bira qabuun ilaaluun akka danda'amutti tarreeffamanii jiru:

Hawaasni Jiillee Tuulamaafi Waayyuun Arsii haalli jechoonnni itti qindaa'anii uumamuun hima ijaaran gargar ta'us hiikni isaan kennan tokkuma. Haata'uu malee, hawaasni Oromoo Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa looga isaanii keessatti yemmuu hima ijaaran dham jecha (hin-) jedhu yeroo baay'ee dhimma itti hin bayan ykn keessaa gatu.

Fakkeenyaaf,Looga Jiillee Tuulamaa;

[Amma ammaa namuu ufne]. Amma ammaa namuuu hin dhufne, jechuuf,

[kanan je'e malee ta'u].kanan je'e malee hin ta'u, jechuuf.

[Wanna taane dubbattu].Wanna hin taane hin dubbattu, jechuu yoo fedhan.

Looga Arsii waayyuu keessattis;

[Haga ammaa homtuu dhufne]. Haga ammaa homtuu hin- dhufne, jechuuf.

[Ka ani jedhe malee ta'u]. ka ani jedhe malee hin ta'u, jechuuf.

[Wanta dhugaa taane dubbattu]. Wanta dhugaa hin taane hindubbuttu, jechuu yoo barbaadan. Himoota armaan oliirraa akka hubatamutti dham-jechi (hin-) hima keessaa hafuu ishiitiin namni hima kana ilaale hiika biroo kennuufii danda'a. fakkeenyaaf himoota hawaasa Oromoo Jiillee Tuulamaafi Arsii waayyuu bal'inaan haa ilaallu:

| | Garaagarummaa mul'atu |
|---|---|
| 1.[Kan] amanne[ lukaan baata]. Jiille Tuulama | 1. Jiille [kan …lukaan baata] |
| [Ka] amanne [ kakatta]. Waayyuu Ars | Waayyuu [ka…kakatta] |
| 2.Namichi [ iyaanne]. Jiille | 2. Jiille [ iyaanne] |
| Namichi [dhufne]. Arsii | Waayyuu [dhufne] |
| 3.[Micoo] mataan[ishii kallee moti]. Jiille | 3.Jiille[Micoo,…ishii kallee moti]. |
| [Mucattii] mataan[sirrii jiru]. Arsii | Waayyuu[Mucattii…sirrii jiru]. |

| | |
|---|---|
| 4.Dubbii [saaqinaa]! Jiille | 4. Jiille [Saaqinaa] |
| Dubbii [ baasinaa / garatti qabadhaa]! Arsii | Waayyuu[garatti qabadhaa] |
| 5.[Murteen keenya jiguu qabu]. Jiille | 5.Ijaarsi himichaa gargar ta'us |
| [Mura keenna jissuu qabnu]. Arsii | ergaansaa tokko |
| 6.[Kan shakkii] qabne. Jiillee | 6.Jiille[kan shakkii…] |
| [Ka mamii] qabne. Arsii | Waayyuu[ka mamii…] |
| 7.Horii [ gaafa qabne/molgoo]. Jillee | 7.Jiille [gaafa qabne/molgoo] |
| Horii [ qululluu/dundumaa/]. Arsii | Waayyuu[qululluu/dundumaa] |
| 8.[Nu] keessa jirru. Arsii | 8. Jiille[Nuyi…] |
| [Nuyi] keessa jirru. Jillee | Waayyuu[Nu…] |
| 9.[Waliin deema].Jiillee | 9. Ijaarsi himaa gargar ta'us ergaansaanii |
| [Wal diddu]. Arsii | tokkuma. |
| 10.[Maalan] beeka. Jiille | 10.Jiille [Maalan…] |
| [Maal] beeka. Arsii | Waayyuu[Maal…] |
| 11.[Kallee galle/ ta'uu dide /mirga oolleef/ hin offoolle]. | 11.[Kallee galle] |
| [ Himmilkoofne/ .hin taaneef]. Arsii | Waayyuu[Himmilkoofne] |
| 12.[Wanna ugaa] taane [dubbatin]! Jiilee | 12. Jiille[Wanna…] |
| [Wanta dhugaa] taane [qaaqin/dubbaatin]! Arsii | Waayyuu[Wanta…qaaqin]. |

Himoota armaan olii irraa wanti hubatamuu qabu hawaasa Oromoo Jiilee Tuulamaafi Waayyuu Arsii jidduutti himoota ijaaraman yoo ilaalle: Arsiin Waayyuu jechootaafi bamaqaalee jalqaba himaarraatti dhufan sagalee gara boodaa gabaabsuun yoo fayyadaman mul'teera. Wanti hawaasa lamaan kana walfakkssu ammoo, himoota muraasaan alatti dham jecha /hin/ himoota baay'ee keessatti osoo jechoota xumuraa waliin galu qabu osoo hingalle hafuu isaati.Waayyuun Arsii jecha ' hinmilkoofne' jedhu yoo yaaman [himmilkoofne] jedhu.

Himoota armaan gadii keessatti garaagarummaa sadarkaa sagalee hawaasa Arsii waayyuufi Jiillee Tuulamaa jidduu jirutu mul'ata:

| | Garaagarummaa |
|---|---|
| 13.[Dubara heerumaaf geesse]. Jiille | 13.Jiille[Dubara…geesse]. |
| [Durba heeruma geette]. Arsii | Waayyuu[Durba…geette] |

Jiille yoo 'dubara' jedhan, Waayyuun 'durba' jedhu. Sagalee /b/fi/r/waljafuun kan uumamee yoo ta'u, jecha Jiille'deesse'jedhuun Waayyuun 'deette' jedhaan.kun amala sagaleewwan bakka walii bu'uutii sagaleen/s/ sagalee/t/n bakka bu'ameera. Garaagarummaan kun gaalee xumuraarratti kan mul'ateedha.

14.Hin[ ageessuu]? Jiille

Hin [dhageettuu]? Arsii

Jecha xumuraarratti garaagarummaa mul'ate;kunis, qubeen Jiille biratti sagalee/s/qabu; Waayyuun sagalee/t/n bakka buufateera.

15.Isin [agarre]. Jiille

Isin [argine]. Arsii

Hawaasa Jiilleefi Waayyuu jidduutti /g/fi/r/n jecha xumuraarratti waljala darbaniiru.

16.[Kanuma] akka[ ishiiti]. Jiille

Kama akka isiiti. Arsii

Jecha hawaasni Jiillee'kanuma'jedhuun, Waayyuun 'kama'jechuun latii/-nu-/keessa gatu. Bamaqaa Jiille 'ishii'jedhanii yaaman Arsiin 'isii' jedhanii yaamu.

17.[Maaliif]? Jiille

[Maa/maaf/]? Arsii

Hima kanarraa kan hubatamu jecha Jiille dheeresse dubbisu Waayyuun jechicha gara boodaa irraa sagaleewwan muree yoo waamu mul'ata. Hima gaaffiirratti garaagarummaa jiru mul'isa.

18.[Ijaaba go'i]. Jiille

[Hijaaba godhi]. Arsii

Hawaasni Jiillee hima 'Ijaaba go'i'. jedhu keessatti sagalee/h/fi/'/ kan dhimma itti hinbaane ta'uusaati. Himichi kun gaalee xumuraa jalatti hammatama.

19.[Ofii] gallu [wallollaa dura] diinaan lolla! Jiille 19.[Ofii…wallollaa dura]
[Ufii] gallu [hollollaa dursa] diinaan lollaa! Arsii [Ufii…hollollaa dursa]

Bamaqaa Jiille /ofii/ jedhuun Waayyuun /ufii/,

Xumura Jiille /wallolla/ jedhuun Waayyuun /hollolla/

Durduubee Jiille/dura/ jedhuun Waayyuun /dursa/ jechuun hima kana keessatti adda addummaan akka mul'atu ta'eera.

20.Irraa[oowwan]. Jiille 20.[…00wwan]
Irraa[dhooggan/dhoorgan/]. Arsii […dhooggan]

Hima kana keessatti sagaleen/w/sagalee/g/n bakka bu'ameera.Jecha xumuraarratti garaagarumma mul'ate.

21.[Okachuun] nu[ibe]. Jiille 21.[Okachuun…ibe].
[Dhokatuun] nu [dhibe]. Arsii [Dhokatuun…dhibe].

Hima kanarraa kan hubannu hawaasni Oromoo Jiillee sagalee/dh/ yoo hima ijaaranis kan keessaa gatan ta'uusaati. Himni kun akkuma jiruun qaama gaalee xumuraati.

22.[Ishiin ofiin obbaate]. Jiille
[Isiin ufiin hobbaate]. Arsii

Hima kana keessatti garaagarumaan sadarkaa sagalee isaan biroo akkuma jirutti ta'ee; hawaasni Jiillee Tuulamaa sagalee/h/ yoo hima keessaa gatan ifatti mul'ata. Bamaqaa jiille /Ishiin/ jedhuun Waayyuun /Isii/, gaalee xumuraa Jiille /ofiin obbaate/ jedhuun,Waayyuun /ufiin hobbaate/ jedhaniin.

23.[Akkam] jirtu? Jiille 23.[Akkam…]
[Atta /attam] jirtu. Arsii [Atta/attam…]

Garaagarummaa gaalee xumuraarratti hawaasni Jiillee /akkam…/ jedhu,Waayyuun/atta…/ jedhuun.

24.[Ani sittan] amana. Jiille 24.[Ani sittan…]
[An si hedadha]/amana. Arsii [An si…]

Bamaqaa hawaasni Jiillee /Ani/ jedhuun,Waayyuun /An/, gaalee xumuraa Jiille /sittan…/jedhuun Waayyuun /si…/jechuun hima ijaaru.

Himoota armaan oliirraa wanti hubannu,jecha hawaasni Jiillee ‘akkam’jedhuun, Waayyuun Arsii ‘atta/attam’jechuun yaamu. Jecha kana keessatti sagaleen/k/sagalee/t/n bakka bu’ameera. Kanamalees,hawaasni Waayyuu isa warri Jiillee ‘akkam’ jedhaniin, /atta/ jechuun gabaabsanii ittifayyadamu.Walumaagalatti,himoota armaan olitti tarreeffaman irra jireessi yoo walfakkaatanis garaagarummaan sadarkaa sagaleettii jiru bal’innaan kan keessatti mul’atu ta’uusaati.Garaagarummaan kunis,jechoota Jiillee Tuulamaa: geesse,hin ageessuu? jedhanii yaaman;Arsiin Waayyuu: geette,hindhageettuu? jechuun henna yaaman, sagalee /s/ sagalee /t/n bakka bu’amee argama. Akkuma himoota gubbaarratti ibsame Arsii Waayyuu biratti bamaqaaleeniifi jechoonni jalqaba himaarratti dhufan sagalee gabaabaa qabu. Hawaasni Jiillee Tuulamaa yeroo tokko tokko sagalee/h/ jecha jalqabarrattii dhufu yoo keessaa gatan mul’ata.Fakkeenyaaf, jecha hobbaate Arsiin jedhee yaamu isaan obbaate jechuun sagaleessu.

Himoonni armaan gadii hawaasa Oromoo Arsii Waayyuufi Jiillee Tuulamaa jidduutti hima keessatti garaagarummaa matima,xumibsaafi xumurarratti mul’atan agarsiisu:

25.Micichi biya [ormaa] jira.Jiille
Mucaan biyya [ambaa] jira. Arsii
Garaagarummaan maqaa: Jiille/mucichi/ Waayyuun/mucaan/ kan jedhu.
. Garaagarummaan xumibsii Jiille/orma/ Waayyuun/amba/ isa jedhu

26.[Atattamaan] koottu[ siin je’ee sitti] bilbile. Jiille
[Daddafaan] koottu [ siin jedhee sii] bilbilee. Arsii
Garaagarummaa xumibsii Jiille /atattamaan/ Arsii/daddafaan/
Garaagarummaa bamaqaa Jiille/sitti…/ Waayyuu/sii…/ isa jedhuudha.

27.Kana [annee gabaa] keessa [foqoqaa]jirra.Jiille 27.[…annee gabaa…foqoqaa…]
Kana[dhabnee gabayaa]keessaa[shunquuqaa]jirra.Arsii […dhabnee gabayaa…shunquuqaa…]
Jechi garaagarummaa xumibsii agarsiisu isa hawaasni Jiillee ‘foqoqaa’jedhanii hawaasni Waayyuu ‘shunquqaa’ jedhuun.

28.[Nutti deebi'aa]! Jiille

[ Isin dachaafanna]! Arsii

Himoonni kunniin qindoomina jechoota garagaraatiin ijaaramanis,ergaansaa tokkuma. Gaalee xumuraarratti adda addummaa ijaarsaa mul'ate agarsiisa.

29.Nama gaarii fakkaata[gaa]! Jiille 29.[…gaa]

Nama gaarii fakkataa[kaa]! Arsii […kaa]

Himoota kanneen keessatti garaagarummaan kan mul'atu latii gaalee xumurarratti, isa warri Jiillee /g/n sagaloomsan,Waayyuun Arsii sagalee/k/n bakka buufatu.

30.[.Ofiin] obbaate]. Jiille 30.[Ofiin obbaate].

[Ufiin hiikkamte/hobbaate]. Arsii [Ufiin hiikkamte].

Garaagarummaa gaalee xumuraa jecha hawaasni Jiillee 'obbaate' jedhuun; Waayyuun Arsii 'hiikkamte' jedhanii yaamu.

31.[Sagalee ol qabee waame]. Jiille

[Lallabe]. Arsii

Ergaan himoota lamaan kanneenii tokkuma.Hawaasni Jiillee gaalee xumuraatiin yoo gargaaraman, Waayyuun jecha tokko qofaan (jecha xumuraan)ergaasaanii dabarfachuu hubanna.

32.[Maaloo al tokko dubba'aa]! Jiille

[Mee takkattima na fuudhaa]! Arsii

Haalli ijaarsa himoota kanneenii gargari; haata'umalee,hawaasa lamaan biratti haala naamusa . qabuun dubbachuuf carraan dubbii akka kennamuuf gaafachuu isaanii agarsiisa

33.[Amanuu dide]. Jiill

[Waakkate]. Arsii

Hawaasni Jiillee xumibsiifi xumuratti yoo gargaaraman'amanuu dide'Waayyuun immoo,xumura qofaan ergaasaa dabarsa 'waakkate' jechuun.

34.[Bal’inaan haasa’i]! Jiille 34.[Bal’inaan haasa’i].

[Waan jiru dubbadhu/homaa hambisin]! Arsii [Homaa hambisin].

Garaagarummaa xumibsiifi xumuraattu mul’ata. Kunis,xumibsii warri Jiillee ‘bal’inaan’ jedhaniin; Waayyuun ‘hoomaa’ xumara Jiille ‘haasa’i’ jedhaniin, Waayyuun ammoo, ‘hambisin’ jedhaniin. Hawaasni Waayyuu Arsii jecha xumuraa‘hambisin’ jedhu waliin dhamjecha/hin-/ jedhamtu osoo fayyadamuu qabanuu osoo itti dhimma bahin hafaniiru. Adda addummaan kun gaalee xumura irratti kan mul’ateedha.

35.[Baay’ee qal’atte]. Jiille

[Xiloo taate]. Arsii

garaagarummaa xumibsiifi xumuraattu mul’ata.Himichis kan ijaarame xumibsiifi xumura qofaa irraa waan ta’eef dubbisuun hubachuudha. Gaalee xumuraa qofaan hima ijaarame jechuudha.

36.Dubbii [dabse]. Jiille 36.[Dubbii dabse].

Dubbii/[qaaqa micciire]. Arsii [Qaaqa micciire].

Himoota kanneen keessatti maqaan akka xumibsaatti tajaajileera.Isaanis: jecha hawaasni warra Jiillee ‘dubbii’ jedhuufi Waayyuun ‘qaaqa’ jedhuun yoo ta’u;Jecha xumuraa Jiille ‘dabse’ jedhanii yaaman; Waayyuun ‘micciire’ jechuun itti fayyadamu.

37.[Danaansi eegi]. Jiille

[Soqii/barbaadii tissi]. Arsii Garaagarummaa xumibsiifi xumuraattu mul’ata.

38.[Haala mijeeffa’e]. Jille

[Qabaa jabeeffadhe]. Arsii

39.[Itti toleera]. Jiille

[Mishaa jira]. Arsii

Garaagarummaa xumibsiittu mul’ata.Isaanis:Jiille ‘itti tole…’ yoo jedhan, Waayyuun ‘mishaa…’ jedhuun.Himichi gaalee xumuraati.

40.Isin [aggeeffataara]! Jiille

Isin[caqasaara]! Arsii

Garaagarummaa xumibsii:hawaasni Jiillee‘aggeeffataa…’yoo jedhan,Waayyuun‘caqasaa’jedhu. Himichi qaama himaa gaalee xumuraatiin ijaarame.

41.[Maaliif] afaan na[sookta]? Jiille 41. [Maaliif…sookta].

[Maa] afaan na [soxxa]/Maa [qaaqa barbaadda? Arsii [Maa…soxxa].

Xumibsii ‘maaliif’ jechuun warri Jiillee waaman,Waayyuun’maa’ jechuun Waamu; Xumura Jiille ‘sookta’ jedhuun;Waayyuun ‘soxxa’ jechuun yaamu.Jechoonni xumuraa kanneen jidduutti amala firoominaan uumamuuttu mul’ata.

42.Inni[kophaasaa taa’a]. Jiille 42.[…kophaa…taa’a].

Inni [addasaa jira /inni hojjasaa jira]. Arsii […adda/hojja…jira].

Gaalee xumuraa hawaasni Jiillee/kophaasaa taa’a/,jedhaniin,Waayyuun /adda/hojjasaa jira/, jedhuun.

43.[Nuti wanna] jiru [dubbachaa] jirra. Jiille 43.[Nuti wanna…dubbachaa…]

[Nu wanta] jiru [dubbataa jirra .Arsii [Nu wanta…dubbataa…]

Bamaqaan akka matimaatti yoo dhufu Waayyuun gabaabsee itti fayyadama.Fakkeenyaaf,Jiille ‘Nuti’ Waayyuun‘Nu’ jedhanii waamu.Jechoota warri Jiillee ‘…wanna…dubbachaa…’jedhaniin Waayyuun ‘…wanta…dubbataa…] jedhuun.Garaagarummaa firoomina sagaleettu mula’ta.

44.[Kan itti aanutti darbina]. Jiille

[Taanitti lufna]. Arsii

Hawaasa lamaan birattuu qaama himaa gaalee xumuraarraa hima ijaarameedha.Qindoominni isaanii gargar ta’us,ergaa tokko kennu.

45.Qarxii sadiif [qoloo’a]. Jiille 45.[…qoloo]

Qarxii sadiifi [wadhakka’a].Arsii […wadhakkaa]

Jechoonni hawaasa lamaan kanneeniin ‘qoloo’ Jiilleen, ‘wadhakkaa’ Waayyuun jedhaman kunniin jecha ‘walakkaa’jedhu bakka bu’u.Qaama himaa gaalee xumuraatiin ijaaramaniidha.

46.[Micaa mi’a] kana [qaphu]. Jiille 46.[Micaa mi’a…qaphu].

[Mucaa miya] kana [qabadhu].Arsii [Mucaa miya…qabadhu].

Jecha xumuraa hawaasni Jiillee ‘…qaphu’ jedhaniin,Waayyuun ‘qabadhu’ jedhuun.Himoonni kunniin maqaafi gaalee xumuraarraa kan ijaaramaniidha.

47.[Siin gaafa'a]. Jiille

[ Sibaradha]. Arsii

Nama tokko yoo dubbii baruu barbaadan Jiilletti 'siingaafa'a' yoo jedhan Waayyutti ammoo, 'sibaradha' jedhuun.

48.[Waalesse]. Jiille

[Muukuu baase]. Arsii

Xumura /waalesse/,warri Jiillee jedhanii,Waayyuun/muukuu baase/ jechuun gaalee xumuraan ibsu.

Himoota armaan oliirraa wanti hubatamu gargaarummaan mathima, xumibsiifi xumura irratti kan mul'atu ta'uusaati. Akkuma jechoonni adda addaa hiikaan tokko ta'an hawaasa Arsii Waayyuufi Jiillee Tuulamaa biratti argaman himoonni haalli ijaarsaa isaanii garagaraa garuu, hiikaan tokko ta'an baay'inaan akka jiran xiinxala kanaan hubatameera.

Xiinxala himoota armaan oliirraa wanti sirriitti hubatmuu qabu jechoonni hima keessatti . golbeen hammataman garaagarummaa himoota cimdii hawaasa Arsii Waayyuufi Jiillee . Tuulama jidduu jiru ifatti kan agarsiisu ta'uusaati.

Himoota hawaasni Jiillee Tuulamaa dheeressanii ijaaran muraasa Arsiin Waayyuu gabaabsanii argamu:

| Jiille | Arsii |
|---|---|
| [Sagalee olqabanii waamuu].Jiille | [Lallabuu] |
| [Kan itti aanutti darbina] | [Taanitti lufna] |
| [Maaliif]? | [ Maa]? |
| [Amanuu dide]. | [Waakkate]. |

Akka waliigalaatti hawaasa Jiillee Tuulamaa xumura himaarratti sagalee/dh/ waan fayyadamuu hindandeenyeef sagalee/'/bakka buusuun dhimma itti bahu.Fakkeenyaaf, Nan dubbadha,yoo jechuu fedhan [Nan dubba'a], jedhu. Loogni afaan tokko keessatti sadarkaa seerlugaattis mul'achuu nidanda'a.Afaan Oromoo keessatti garaagarummaa sadarkaa seerlugaatti jiru ifatti hinmul'atu /qoratamee/ hinbeeku. Dialectology and Standardization(2014:34)Yunivarsiitii Adaamaa Muummee Afaan Oromoo. Walumaagalatti,xiinxala garaagarummaa loogaa hawaasa Arsii Waayyuufi Jiillee Tuulamaarratti gaggeeffameen garaagarummaan loogaa sadarkaa xiinsagaa, dhamjechaa, xiinjechaafi xiinhimarratti kan mul'atu ta'uusaa qorataan mirkaneeffateera.

# BOQONNAA SHAN

## Gudduunfaafi yaada furmaata

### 5.1. Guduunfaa (Conclusion)

Xinxala garaagarummaa looga Afaan Oromoo hawaasa Oromoo Arsii waayyuu fi Jiillee Tuulamaarratti xiyyeeffate," mata duree jedhu jalatti hiikaa fi ibsa kennamerraa akka hubatamutti hawaasa Oromoo Arsii waayyuu fi Jiillee tuulamaa jidduu gargaarummaan loogaa haala baay'ee nama hawatuu fi namatti toluun sababa teessuma lafaatiifi haala walitti dhiyeenya sanyii irraa kan ka'e afaan Oromoo keessatti ml'ateera.Garaagarummaan loogaa hawaasa lamaan kanneen jidduutti mul'ate haallii itti sagaleesssan adda addummaa sadarkaa sagale, jechaa, hiikaa fi haala ijaarsa himaa hammata. Haalli dubbii karaalee namoonni jechoota ittiin sagaleessan,iddoo namoonni jiraatan yookiin seen-duubee hawaasummaa dubbattoota kan agarsiisuudha. Fakkeenyaaf, hawaasa Jiillee Tuulama yoo fudhanne sagaleelee Afaan Oromoo keessatti itti fayyadamuu qaban keessaa muraasa jechoota yoo yaaman gutuun ni mul'ata. Fakeenyaaf, sagaleen /dh/ looga hawaasa Oromoo jiillee Tuulamaa keessa hin jiru, sagaleelee (') ,(l') fi (r')n bakka bu'amee argama. Sagalee /h/ yeroo tokko tokko jechoota keessaa gatuun ni mul'ata.

Hawaasni oromoo jiillee Tulamaa yeroo baay'ee sagalee /ch/ jechoota keessatti yoo itti fayyadaman; Oromoonni Arsii waayyuu sagalee /ch/ sagalee /t/n bakka buusuun dhimma itti bahu. Hawaasni Oromoo Jillee Tuulamaa yeroo tokko tokko sagalee/h/ jechoota itti fayyadaman keessaa ni gatu.

Hawaasa oromoo jiilleefi Arsii Waayyuu jidduutti garaagarummaa sadarkaa jechaa hedduu akka ta'e hubatameera. Kunis, waanuma tokko moggaasa garagaraan kan yaaman ta'uusaati. Garaagarummaan akkaataa ijaarsa himaa hawaasa lamaan kanneen jidduu jiru, mathima xumibsii fi xumurratti kan mul'atu ta'uunsaa xiinxalameera. Hawaasa Oromoo Arsii waayyuufi Jiillee Tuulamaa jidduutti garaagarummaan sadarkaa hiikaattis akka jiru xiinxalameera.

Walumaagalatti,afaan tokko keessatti garaagarummaan loogaa jiraachuunsaa amaluma afaanii yoo ta'es, garaagarummaan kun babal'achuun,waligaltee dhabamsiisuun akka afaanota birootti

hincaccabne loogota adda addaa Afaan Oromoo keessatti argaman ifatti baasuun karaa barumsaan hawaasa Oromoo cufa bira akka gahu gochuun barbaachisaadha.

Dialectology and Standardization(2014:1o9) Yunivarsiitii Adaamaatti Muummee Afaan Oromoo tiin qophaa'e, hayyuu Ferguson(1968) waabeffachuun akka ibsutti,Waaltinni adeemsa garaagarummaa loogaalee jidduu jiru gara afaan tokkootti deebisuuti, jedha. Karaan garaagarummaan loogaa afaantokko keessatti mul'atu gara afaan heddutti akka hin fotoqne gochuun kan danda'amu afaanicha gara waaltinaatti fiduun waan ta'eef Afaan Oromoo rakkinni kun akka hin mudanne sirriitti irratti hojjatamuu qaba.Qorannoo afaanii keessatti akkaataan afaan tokko itti qoratamu, akkaataan afaan tokko itti sagaleeffamuuf itti baratamu akkasumas,matadure qorataa kan ta'e amala afaanii keessaa akkaataan looga garagaraatti hiramuu danda'an kan bira hindarbineedha. Xiinloogni saayinsii looga yookiin loogota qo'atuudha. Karaa biraatiin, garaagarummaa afaan keessatti sababa naannoo yookiin sababa hawaasummaatiin uumamu kan qo'atuudha. Dialectology and Language Standardization (2014: ), Yunivarsiitii Adaamaa Muummee Afaan Oromoo; Addunyaa Baarkessaa(2010:1-15).

## 5.2.Yaada Furmaataa(Recomandation)

Haa guddatuu haa xiqqaatuu afaanota hundaa keessatti looga baay'ee namattii tuluufi nama hawatu akkuma Afaan Oromoo keessa jiru kan biroo keessattis ni argama.

1.Sababa daangeffama waraqaa kanarraa kan ka'e qorataan qo'annoo bal'aa gargaaraummaa looga hawaasa Oromoo Arsii Waayyuufi Jiillee Tuulamaa jidduu jirurratti waan hingaggeeffamneef; xiinxalli gahaan gadi fageenyaan gaggeeffamuu qaba yaada jedhu qaba.

2.Loogni Afaan Oromoo, kitaaba barnoota Afaan Oromoo irratti haala gahaa ta'een taa'uu qaba. Kunis beekumsa loogaarrattii hubannoo qabaachuun galma ga'iinsa baranoota baratamuufi guddina afaaniitiif barbaachisaafi haala mijaa'aa uuma. Gargaarummaan loogaa haala gaariin yoo barsiifame barattoonni Afaan Oromoo jechoota baay'eefi ajaa'ibsiisoo ta'an akka qabu ni hubatu.

3.Loogni Afaan Oromoo qurumsa biyyoolleessaa irratti qophaa'uu qaba.

4.Leenjiin gahaan kitaaba barataa Afaan Oromoofi waa'ee loogarraatti kennamuu qaba.

5.Qoronnoon waa'ee looga Afaan Oromoorratti hedduu waan hindalagamneef xiyyeeffannaa itti kennuun qo'annoofi qorannoon irratti gaggeeffamuu qaba.

# Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2010) Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee: Mega Printing Press.

Addunyaa Barkeessaa. (2011).Akkamtaa :Yaadrimee Qorannoo Hujoo. Finfinnee: Oromiyaa.

Addunyaa Barkeessaa. (2012).NATOO:Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee: Oromiyaa.

Bender, M.L.Mulugeta Etaffa and Stinson, D.L.1976. In Bender et al (eds) Language in Ethiopia. London:Oxford University Press.

Banti, G. (2008). "Oromiffaa". In S. Uhlig (ed.). Encyclopaedia Aethiopica,Wiesbaden: Otto Harrassowitz.

Berg,B(2010).Qualitative Research Methods for the social science. California State Univesity.

Bryan & Tucker(1956). The Non Bantu languages of north eastern Africa Oxford. Oxford university

Chembers and Trudgil (2004) Dialectology . Combridge,Cambridge university.

Crystal,D.1985. The Cambridge Encyclopedia.Cambridge:Cambridge University.

Dalby.A ( 2004) Dictionary of languages . Londan A&C Black publishers.

Eckert x Rickford ( 2001) Style & sociolinguistics variation. Cambridge, Cambridge, University press.

Davis,C.J.(1999). An Introduction toApplied Linguistics.Edinburgh:Edinburgh University press.

Feda, Negese. (2015). Classification of Oromo Dialects: A Computational Approach. . International Journal of Computational Linguistics (IJCL),Volume(6) :Issue (1):2015

Gragg, G. 1982. Oromo Dictionary, Bender et al. (eds.), and East Lansing: The African Studies . . Center, Michigan State University.

Heine, Bernd 1981.The Waata Dialect of Oromo. Grammatical Sketch and Vocabulary.Published . as Volume of Language Berlin.

Hudson,R.A.1980.Sciolinguistic ,First Edition.Cambridge:Cambridge Univesity press.

Kebede Hordofa. (1991). "A Contribution to the Dialectology of Afaan Oromoo: Consonantal Suffix Conjugation after the Glides" In Proceedings of the 11th ICES (Addis Ababa 1991) Vol. I, pp. 501-513. Addis Ababa.

Kebede Hordofa. (2005). "The Varieties of Oromo." ELRC, W Pap. AAU: AAU Printing Press.
. 1(1): 134-150

Kebede, H. (2009). Towards the Genetic Classification of the Afaan Oromoo Dialects. Published
. PhD Thesis, Department of Linguistics and Scandinavian Studies: The University of
. Oslo, Norway.

Kothari, C.R. (1985). Research Methodology, Methods and Techniques. 2nd ed. New Delhi:
. New Age International ltd, Publishers.

Kumar, R. (2005).Research Methodology: A Step by Step Guide for Bigginers. London: Sage Publication.

Loraine B, Christina H. and Malcolm T.(2006). How to research: 3rd ed. Poland: Open University Press.

Lloret Romanyach, Maria-Rosa. (1994). "A Comparative Study of Consonant Assimilation in Some Oromo Dialects." Ms. A paper presented at the 3rd International Symposium on Cushitic and Omotic Languages, Berlin.

Mohammad Hasan(1994),"Some Aspects of Oromo History that have been Misunderstood'' journal of Oromoo Studies 1(2):77-90(1994).

Trudgil ,p.(2004) Dialects language work books: New York , Taylor francis.

_______ (2014)Dialectology and standardization,Yuunivarsiitii Saayinsiifi Teknoolojii Adaamaa Muummee Afaan Oromoo:Univarsiity Adaamaa

# DABALEE-A

**Gaaffiilee Ka’umsaa Af-gaaffii**

**Yuunivarsiitii Saayinsiifi Teknoolojii Adaamaa Iskuulii Saayinsoota Hawaasaa, Hiyumaanitiifi Seeraa, Muummee Afaan Oromoo**

**Gaaffiilee ka’umsaa garaagarummaa loogaa hawaasa Oromoo Arsiifi Jiillee Tuulamaa Jidduutti mul’atuuf Afaan Ingiliffaatiin Af-gaaffiin dhiyaatan:**

| Lakk | Jechoot ka’umsaa Maqaa(noun) | Looga Jiillee Tuulamaa | Looga Arsii Waayyuu |
|---|---|---|---|
| 1 | abandonment | irraanfachuu | irraanfatuu |
| 2 | abates | wantaa | wantee |
| 3 | abba | abbaa | abbaa |
| 4 | abdication | kennuu | kennuu |
| 5 | abdomen | garaa | garaa |
| 6 | able | danda’aa | danda’aa |
| 7 | ablach | kallee hingalle/mirga hinoolleef | hintaaneef/hinmilkoofne |
| 8 | bamboo | leemmana | leemman |
| 9 | ban | oowwaa/oowwamaa | dhooggaa/dhoorgaa/ dhooggamaa |
| 10 | balk | hirkoo | irkoo |
| 11 | lad-die | ijoollee/dargaggeessa | ujoollee/qeerroo/ka’ima |
| 12 | barn | gootaraa/mooraa/foonaa | gurjii/moonaa/foonaa |
| 13 | barricade | gufuu | gufuu |
| 14 | bat | simbirroo halkanii | raaree/buttoo |
| 15 | bear | nama amala fafee qabu | nama adaba qabne |
| 16 | ego trip | kooraa/boonaa | boonaa |
| 17 | egg | buuphaa | killee |
| 18 | fiend | badaa/hamaa | hamaa/badaa/ufunee |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 19 | hex | moruu/falfaluu | sabsibee/waanyoo/ gumbisuu |
| 20 | high-wire | wadaroo | haada |
| 21 | hillock | tulluu | tulluu |
| 22 | holiday | guyyaa-lafaa/guyyaa boqqonnaa | gaafa lafitoo/guyyaa hara baafannaa |
| 23 | horses | fardeen | Faradoo |
| 24 | host | keessummeessuu | keessummeessuu |
| 25 | hovel | harkisoo/mana citaa | gombisoo/mana citaa |
| 26 | howl | waca | waca |
| 27 | kith | busqe/hiriyyaa/jaalallee | goshoo/jaalalloo |
| 28 | knack | kennaa | handhuuraa/kennaa |
| 29 | knife | albbee/goloodoo | manshee |
| 30 | lack | hir’ina/hir’uu | dhidhinna/dhidhuu |
| 31 | lame duck | raatoftuu/jaanja’aa | nama hin aanjofneef/ |
| | | | nama hinmilkoofne |
| 32 | material | darsa/mi’a/meeshaa | kotota/miya/meeshaa |
| 33 | meanie | gogaa/doqna/harki hinhiikkatu | dondha/kuttubbaa |
| 34 | bread | qixxaa/lankata/xoroshoo | qixxaa/daabboo/xoroshoo |
| 35 | coward | albaa’essa/onnee qabu/sodaataa | halbaadhessa/alkuubaa/ dabeessa |
| 36 | lake | haroo | hara/hora |
| 37 | emergence | mul’achuu | mudhachuu |
| 38 | exclusiveness | kophaa jira | hojja ta’uu/adda ta’uu |
| 39 | wail | booyicha/boowa | booya |
| 40 | tenacity | jabeenya | jabeenna |
| 41 | scar | godaannisa | gadaannisa |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 42 | pen | mooraa/foonaa | moonaa/foonaa |
| 43 | peg | dongoraa | sorfaa |
| 44 | Mirage | mul’ata/abjuu | mudhata/eebjuu |
| 45 | mush | shuumoo | Shiimoo |
| 46 | name sake | mokshee/moggoo | moggoo |
| 47 | expedition | xeenxira/si’aawuu | nashaaxuu/hisatuu |
| 48 | mart | gabaa | gabayaa |
| **Lakk** | **Jechoota ka’umsaa Maqibsii(adjective)** | **Looga Jiillee Tuulamaa** | **Looga Arsii Waayyuu** |
| 49 | able | ga’aa/gahaa | gayaa |
| 50 | fiers | ho’aa/hamaa | oo’aa/hamaa/badaa/ |
| 51 | fiery | aaruu/baay’ee ho’aa | aaruu/dallanuu |
| 52 | hind | kan duubaa | ka duubaa/ka maayii |
| 53 | kind hearted | nama bashaa/gara-laafessa | fayyaaless/damboobaa |
| 54 | lame | okkolaa | hokkolaa |
| 55 | liable | kaasaa/gumaa kanfalaa | fixataa |
| 56 | materialize | mul’achuu | mudhatuu |
| 57 | mean | walakkaa | wadhakkaa |
| 58 | covert | oowwamaa | dhooggamaa/dhoorgamaa |
| 59 | empty-handed | kallee galleef/kan offole | hoongayuu/milkaayuu dhabuu/hoffoluu dhabuu |
| 60 | friable | kan dafee caccabu | ka laayyotti bututu |
| 61 | gaseous | jabeenya kan qabne | jabeenna ka qabne |
| 62 | mannerly | cadhisaa | cadhisaa/fayyaalessa |
| 63 | merest | baay’ee xinnoo | mixishuu/diqqoo |
| 64 | musty | dulloomaa | tortoraa/dulloomaa |
| 65 | napped | | silim jechuu |
| 66 | peaceful | kan nagaa/callisaa | ka nagayaa/fayyaalessa |
| 67 | teeny | xinnoo | diqqoo/shuukkee |
| 68 | thin | Qallaa | qadhaa |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 69 | vaporous | bishaan danfaa/oo’ituu/xabala | aartuu |
| 70 | wacky | maraattuu | maraattuu/tuqamaa |
| 71 | affluent | dureessa | dureessa/qabaataa |
| 72 | afire | kan boba’e | ka bobaye |
| 73 | amiss | hir’ataa | dhidhataa |
| 74 | aside | cinaa/bukkee | cinaa/laddaya |
| **Lakk** | **Jechoota ka’umsaa Durduubee(preposition)** | **Looga Jiillee tuulamaa** | **Looga Arsii Waayyuu** |
| 75 | although | yoo ta’ellee | yoo ta’ellee |
| 76 | amid | walakkaa | wadhakkaa |
| 77 | barring | otoo itti eda’in | odoo edatin |
| 78 | between | jidduu/walakkaa | jidduu/wadhakkaa/garaacha |
| 79 | betwixt | walfakkaataa/jiddugala | qixa laaluu |
| 80 | in | keessa | keessa |
| 81 | behind | booddee/duuba | booda/maayii |
| 82 | about | waayee | waayee |
| 83 | infront | fuuldura | afoo/dura |
| 84 | above | gubbaa | gubbaa/irra |
| lakk | jechoota ka’umsaa xumuraa(verb) | looga jiillee tuulamaa | looga arsii waayyuu |
| 85 | abjure | ganuu | ganuu/waadaa nyaatuu |
| 86 | bang | iyya | iyya |
| 87 | bear | baachuu/danda’uu | baatuu/danda’uu |
| 88 | bellow | bookkisuu | barooduu/bookkisuu |
| 89 | hover | jaanja’uu/raata’uu | jaanjayuu/raatayuu |
| 90 | label | malkata | milikkitii |
| 91 | lamen | gumgumuu | 1.gungumuu 2.dubbachuu |
| 93 | break in | jidduu seenuu | jidduu seenuu |
| 94 | break off | fottoqsuu | fottossuu |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 95 | convert | amansiisuu | amansiisuu/fudhachiisuu |
| 96 | elaborete | bal'inaan haasa'i | odoo homaa hambisin dubbadhu |
| 97 | get around | darbuu | darbuu |
| 98 | hew | soquu/bocuu | huufuu/bocuu |
| 99 | hid | oksuu/miliqsuu | dhossuu/milissuu |
| 100 | lay ahead | qusachuu/sassachuu | qusatuu/cimphisuu |
| 101 | miscarry | gatatuu | garaa gatuu |
| 102 | murmur | gumgumuu | gungumuu/gururi'uu |
| 103 | peek | ilaaluu | laalii |
| 104 | peg | dongoruu | dongoruu |
| 105 | petrify | gogsuu | gossuu |
| 106 | Pin | safaruu | bikkuu |
| 107 | prick | gobuu | dhayuu/laxxoobuu |
| 108 | scald | gubuu | hodduu/waxaluu |
| 109 | see of | gaggeessuu | geggeessuu |
| 110 | sob | boowuu | booyuu |
| 111 | thin out | qaqal'isuu | qaqadhisuu |
| 112 | vount | boonuu | boonuu |
| 113 | wear of | 1darbuu 2qabbanaa'uu | 1.darbuu 2.qabbanaayuu |
| 114 | weld | sibiila baqsanii walqabsiisuu | sibiila bassanii walqabsiisuu |
| 115 | whirl | akka obomboleettii ofirra marfachuu | akka hobonboleettii ufirra maruu |
| 116 | yammer | of nyaachuu | nyakkisuu/qanyisuu/ ufnyaatuu |
| 117 | acclimate | madaquu | maxaquu |
| 118 | bellow | bookkisuu | barooduu |
| 119 | suspend | fannisuu/rarraasuu | fannisuu/rarraasuu |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 120 | suspect | shakkuu | Mamuu |
| **Lak.** | **Jechoota ka'umsaa Xumibsii(adverbs)** | **Looga Jiillee Tuulamaa** | **Looga Arsii Waayyuu** |
| 121 | here to for | hamma ammaa | haga ammaa |
| 122 | how | attamitti | attamitti |
| 123 | however | haata'uu malee | haata'uu malee |
| 124 | merely | callisaan | cadhisaan |
| 125 | abaft | keessaan yookiin kara booddeen | keessaan yookiin gara duubaan |
| 126 | abinetion | durumarraa | durarraa |
| 127 | ably | dandeettii | dandeettii |
| 128 | above all | hunda dura | hunda dura |
| 129 | accidentally | akkuma tasaa | akka tasaa |
| 130 | longside | cinaa/qarqara/fiixee | cinaa/qaccee/daangaa |
| 131 | aloof | qorraa/qabbanaa'aa | qabbanaayaa |
| 132 | allude | afaan bal'ata | laagaa badhata |
| 133 | also | dabalataan | dabalata |
| 134 | amiss | hir'ataa/kan bade | dhidhataa/ka ballaye |
| 135 | apiece | tokko tokkoon | takka takkaan |
| 136 | ashore | kara daangaatti | gara qacceetti/daariitti |
| 137 | beautiful | miidhagduu | midhaadduu/bareedduu |
| 138 | cessively | sukkuumuun | sukkuumuun |
| 139 | evenly | otoo hafin | odoo hafne/mucuq godhamee |
| 140 | ever after | saniin booda | san duuba/san booda |
| 141 | exclusively | kophaa | hojja |
| 142 | fretfully | of nyaachuu | uf nyaatuu/ufiin loluu |
| 143 | frock | uffata dubaraa | shinshinii |
| 144 | fully | guutumaan guututti | akkum jiruun |
| 145 | less | xinnaa | diqqaa |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 146 | alightly | akka salphaatti | akka laayyotti |
| **Lakk** | **Gaalee maqaa (noun phrase)** | **Looga Jiillee Tuulamaa** | **Looga Arsii Waayyuu** |
| 147 | the tall boy | micaa dheeraa | mucaa dheeraa/tookkaa/loxx-obbaa/loqqattii |
| 148 | the new house | mana haarawa | mana haaraya/haarawa |
| 149 | the wide room | kutaa bal'aa | mana badhaa |
| 150 | the very intelligent girl | micoo baay'ee cimtuu | ta mana qabdee deemtuun/ mucattii jabduu |
| 151 | the girl | micoon | mucattiin |
| 152 | Jimma's coffee | buna jimmaa | buna jimmaa |
| 153 | avery interesting | baay'ee bashaa | misha'a |
| lakk | gaalee maqibsii (adjective phrases) | looga jiillee tuulamaa | looga arsii waayyuu |
| 154 | extremely angry | garmalee dallanuu | akka malee aaruu |
| 155 | very interesting | bashaa | mishaa/gaarii |
| 156 | very large | baay'ee bal'aa | badhinna qaba/badha'a |
| 157 | quite certain | kan shakkii qabne | ka mamaa qabne |
| 158 | very intelligent | baay'ee cimaa | jabaa |
| **Lak** | **Gaalee xumibsii (adverb phrases)** | **Looga Jiillee Tuulamaa** | **Looga Arsii Waayyuu** |
| 159 | I walked slowly | ani suutuman deema | ani suutuma deema |
| 160 | you argued effectively | ati sirriitti mormita | ati kolbatti mormita |
| **Lak** | **Gaalee durduubee (prepositional phrase)** | **Looga Jiillee Tuulamaa** | **Looga Arsii Waayyuu** |
| 161 | along the path | xurreerra | xurreerra |
| 162 | through the gate | karra gubbaa | karrarra |
| 163 | across the road | kararra/karaa gubbaa | kararra |
| 164 | on the top of the hill | tabba gubbaa | gooba gubbaa |
| 165 | infront of the car | makiinaa fuuldura | makiinaa afoo |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 166 | time for lunch | Iyyana | dhiyana |
| 167 | around corner | qarqara | tunga/gara tungaa |
| 168 | the stars in sky | urjiilee samii keessaa | urjii samii keessaa |
| 169 | abird in hand | simbira harka keessa | simbira harka keessaa |
| 170 | in the bottle | qaruuraa keessa | xaarmushii keessa |
| 171 | safe from attach | miidhaarraa eegamuu | miidhamarraa eeggamuu |
| 172 | take care of your passport | paaspoortii kee eega'u | paaspoortii keef eeddoo godhi |
| **Lakk** | **Gaalee xumuraa (phrasal verbs)** | **Looga Jiillee Tuulamaa** | **Looga Arsii Waayyuu** |
| 173 | be afraid of: to be frietend by | Sodaachuu | sodaatuu |
| 174 | ask for:to request | Gaafachuu | gaafatuu |
| 175 | break down:to cry | Boowuu | booyuu |
| 176 | break in:to get inside by damaging building door | cabsanii seenuu | diiganii seenuu |
| 177 | beak up:to smash in to pieces | Xixinneessuu | didiqqeessuu |
| 178 | call on:to visit some one | tokko laaluu | tokko gaafatuu |
| 179 | carry on:to continue | itti fufuu | osoo addaan hinkutin |
| 180 | come across:to find unexpectedly | karaa hinyaadneen barbaaduu | karaa qaabanneen soquu |
| 181 | come down:to reduce inprice | gatii xinneessuu | gatii diqqeessuu |
| 182 | count up: | hamma waan barbaadan bira ga'anitti lakkaawuu | haga wanta soqan bira gayanitti laakkayuu |
| 183 | cut down | Muruu | muruu |
| 184 | draw out:to remove | kararraa oowwuu | kararraa dhoorguu |
| 185 | fall behind:to drop back | kara duubaa gatuu | gara duubaatti gatuu |
| 186 | fall out:to stop being | hiriyyummaan isaanii | goshummaa dhaabuu/ |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | friends | addaan cituu | addaan cituu |
| 187 | feel like:to be in the mood for | itti toleera | haala mishaarra |
| 188 | get over:to recover from an illness | wayyachuu/damdamachuu | wayyatuu/dandamatuu |
| 189 | give out:to distribute | qooduu | qooduu |
| 190 | give up:to stop doing some thing | wanna hojjataa jiran addaan kutuu | waan hojjataa jiran addaan kutuu |

**Gabatee 5. Jechoota ka'umsaa Afaan Ingiliffaa garaagarummaa loogaa hawaasa Arsii Waayyuufi Jiillee Tuulamaa jidduu jiru xiinxaluuf odeeffannoon ittiin sassaabam**

# DABALEE-B

**Odeeffannoo Bifa Daawwannaatiin Argaman**

**Yuunivarsiitii Saayinsiifi Teknoolojii Iskuulii Saayinsoota Hawaasaa,**

**Hiyumaanitiifi Seeraa,Muummee Afaan Oromoo**

**Xiinxala Garaagarummaa Loogaa Hawaasa Oromoo Arsiifi Jiillee Tuulamaa**

**Irratti Xiyyeeffateef Daawwannaa Gaggeeffameen Odeeffannoo Sassaabame**

| lakk | Jeechoota looga Jiillee Tuulamaa | Jechoota looga Arsii Waayyuu |
|---|---|---|
| 1 | walargina | fincaan ka'aa /wal argaa/ mari'adhaa deebi'aa/ maqoo ka'a |
| 2 | erguma | udduma |
| 3 | amanuu dide | waakkate |
| 4 | kaksiisuu | kassiisuu |
| 5 | lafa hurufaa | laallibbata |
| 6 | buruqse | burusse |
| 7 | turee jira | qaata dhufe |
| 8 | a'ame | dhayame |
| 9 | nan dubba'a | na fuudhaa |
| 10 | waraabessa | hobolaa/halaala/ bineensa |
| 11 | abdachuu | hedatuu |
| 12 | dubbii dabsuu | qaaqa micciiruu |
| 13 | Ameessa | dhaltii |
| 14 | urata /lafa barii | 1.xababbar /lafa bari'e2.qaalawa |
| 15 | baay'ee qal'atte | xiloo taate |
| 16 | qare | xile |
| 17 | baay'ee dheeraa | loqqattii, loxxobbaa/loqii/ birbirsa/tookkaa |
| 18 | bu'aa ba'ii | gooddaa giraaba |
| 19 | al tokko | mee takkattii |
| 20 | Baqaqe | dhooye |
| 21 | ugaa | dhugaa |

| | | |
|---|---|---|
| 22 | mi’a /meeshaa | miya/ meeshaa |
| 23 | bashaa’a | gaariidha |
| 24 | micaa | mucaa |
| 25 | micoon | mucattii |
| 26 | hiriyyaa | daraboo |
| 27 | muka soquu | muka bocuu /huufuu |
| 28 | Qaruuraa | xaarmushii |
| 29 | sokki hibboo! | lakki abboo! /deem narraa! |
| 30 | Hawwuu | halchuu |
| 31 | filachuu | cokuu |
| 32 | ifatti itti hime | adii hime |
| 33 | isin dhageeffataara | isin caqasaara |
| 34 | guutuu ta’uu ilaali | toowwadhu |
| 35 | Adbuu | yaayyame/muukessuu |
| 36 | morka baasuu | biidhaa baasuu |
| 37 | nu keessa hin jirru | nu keessa jirru |
| 38 | siin gaafa’a! | amma sibaradha |
| 39 | deebi’e | dacha’e |
| 40 | wanna gargaraa | waan waan |
| 41 | galee nama dubbii dabse addaa baafa’a | hin cokadha |
| 42 | yaadachiisa | qaabsisa |
| 43 | ulfaa’u | dayi/argadhu /hobbayii / ulfadhu |
| 44 | yaaluu | badaduu |
| 45 | maagara | alagaa /qabdoo |
| 46 | alagaa/gosa biroo | nyaapha |
| 47 | na gajabse | na dadhabsiise |
| 48 | dubbii bara’u | qori/dubbii bari |
| 49 | gumgume | gungume |
| 50 | dubba’e | gungume |

| | | |
|---|---|---|
| 51 | hunduu haa ufuu | haa qixxaayuu |
| 52 | adabuu | itti yaasuu |
| 53 | yaa’ii | qixxee |
| 54 | waliin deema | wal hin diddu |
| 55 | nutti deebi’aa | isin dachaafanna |
| 56 | dubbii barbaaduu | naannessuu /dubbii soquu |
| 57 | yaada keessan nan fu’a | isinii yaa’a |
| 58 | dubbii nu kennaa | qaaqa nu kennaa |
| 59 | dubartii /beera | beera |
| 60 | nutti himi | nu barsiisi |
| 61 | beellamuu | haagansuu |
| 62 | beellama | haaganaa |
| 63 | wanna lama walitti hidhuu | qarqaba |
| 64 | Gonkuma | xubama/sirimaa |
| 65 | beelawe | qooqa jira/beelaye/agabuu jira |
| 66 | dhokachuun nu ibe /rakkise | miliqaan nu dhibe |
| 67 | dongoraa | sorfaa |
| 68 | fuuldura | afoo/dura |
| 69 | goomataa /hinaafaa/ | gumbisaa /weekkisaa/ |
| 70 | dubbiii hin sassaqinaa | garatti qabadhaa (dubbii hin baasinaa) |
| 71 | qunnaa | kooboo |
| 72 | xawalwaallee | dhaaba qabu |
| 73 | coqorsa | qorxoo |
| 74 | giraaba /lafa tabbaa walqabataa/ | hacarii |
| 75 | fal’aana | mooqqaa |
| 76 | marqaa | marqa |
| 77 | cillimaa mitii? | dukkana cillimii |
| 78 | hoodachuu | falachuu |
| 79 | hinkofalla | hin kolfina |
| 80 | barcaa /okkotee/ hubboo /kurfoo | ottee |

| | | |
|---|---|---|
| 81 | baana kadhachuu | dubara garaattii kadhachuu |
| 82 | hobbaate/deesse | deette |
| 83 | fidannoo | kaayoo uumaa |
| 84 | gur'uu | gundhuu |
| 85 | ijaaba go'i / dhabamsiisi / | hijaaba godhi |
| 86 | haftuu | ta manattii hafte |
| 87 | dubara heerumaaf geesse | haftuu |
| 88 | bodeettii/fokkiftuu / bishooftuu /qurquraa | bushooftuu |
| 89 | xaqanaa /aybee/ | shalalaa |
| 90 | angubaa /dhama | bora/ dhama |
| 91 | jigi/qaari'i | jigi |
| 92 | bassoo | bachoo |
| 93 | cuukkoo | micciirraa |
| 94 | gumee | bitoo /micciirroo |
| 95 | rakoo /hoolaa yeroo kaadhimatan qalan | |
| 96 | fittaalaa | nama bareedaa |
| 97 | digdama | diddama |
| 98 | qola boqoolloo | koyee |
| 99 | dafqa | fuuruu |
| 100 | siingaafa'a! | si baradha |
| 101 | gabaabaa | murquu |
| 102 | gumaa | fixata |
| 103 | nama gumaa kanfalu | fixataa |
| 104 | Qalaamaa | ganyaa |
| 105 | sagalee olqabanii waamuu | lallabuu |
| 106 | kofalchiisaa | kolfisiisaa |
| 107 | bilicisa | mashisa /feleqqisa |
| 108 | kuusuu | cimphisuu |

| | | |
|---|---|---|
| 109 | hordofi | dhaqqabi |
| 110 | | maxaanaa |
| 111 | leemmana | haxumaa |
| 112 | ofiin hobbaate | hiikkamte |
| 113 | cafallaqame | loobbayaa/leenfamaa |
| 114 | corroqa mooraa | duduba /lillixii moonaa |
| 115 | maaloo ! | yabootii ! |
| 116 | bishaan | bisaan |
| 117 | jigseera | jisseera |
| 118 | ol darbaa | ollufaa |
| 119 | hobbaate/ nagaan deesse | hoffolte /deette |
| 120 | darrattaa’e | dirmammaa’e |
| 121 | qaama nacaccabse | na qaxaxxeesse |
| 122 | gombifam /qaari’i | gombifam /du’i. |
| 123 | tirmaa | geegayoo |
| 124 | alli haa deebi’u | duullii haa galu |
| 125 | alooyyee /dhibee loonii | dhibee horii |
| 126 | amaadii /ba’aa’ina/ | gabbina /badhadhina |
| 127 | dallaa qaxii malee | moonaan shokokii malee |
| 128 | deessuu ijoon haa deebi’u (yaa hortu) | ta deettu, tateettu, ta hortu haa taatu, |
| 129 | karaa fiticha go’i | karaa nagaya nuuf godhi |
| 130 | gajawwan | saawwan |
| 131 | haa wayyu | haa wayyu/haa nagayu |
| 132 | hayyee | galanni keeti |
| 133 | salphate | fafaaye |
| 134 | of kolchaa | hoffolcha |
| 135 | huquba da’aa | ulfaadhaa |
| 136 | kuruncoo / dhalattuu | sadheessa /dhalattuu |
| 137 | maggala, itti seenne, marsaa, | naannayee dhufe |

| | | |
|---|---|---|
| | si'oomina | |
| 138 | masqala gojo | sa'aa nama haa nagayu |
| 139 | sal'ee/1. sirna gadaatiin warra bulle<br>2.osoo hin gahin kan dhalatte | didaa/albula |
| 140 | sakaroo/ diina | ol galoofi gadi galo/diina |
| 141 | xeenxira /gammachuu | 1.loluu 2.gammachuu/nashaaxuu |
| 142 | furdachuu/ gabbachuu | furdatuu/gabbatuu |
| 143 | busqee/ hiriyyaa /jaalallee | jaalalloo/goshoo |
| 144 | nu weelli / nu tiksi | nu tissi |
| 145 | faatii /dalaguu | gajafuu /dalaguu |
| 146 | loqqoonfachiisuu | walkeessa dabarsuu |
| 147 | hanoo | miidhama keessaa (hubama keessaa) |
| 148 | bukkee /maddii/cinaa | 1. nama saala lamaa 2.laddaya(bira) |
| 149 | moraa /falfalaa/ nama karaa hin taaneen horu | sabsibee/salaabii |
| 150 | budaa/ nama iji isaa hamaa | falfaltuu |
| 151 | Waraabessa | hobolaa/bineensa/ halaala |
| 152 | danaansi/eegi | soqi /barbaadi |
| 153 | baacuu | shaqqaaduu |
| 154 | harkaa deebi'e (akka dhalateen jalaa du'e) | jalaa deebi'e |
| 155 | gatate (horiirraa ba'e) | garaa gate |
| 156 | darsa (meeshaa manaa) | darsa (hoccuu butute) |
| 157 | woonfala | hoonfala |
| 158 | hindandeenyu | hindandeennu |
| 159 | gad lakkisi | gadhiisi |
| 160 | guddifachaa | guddifata |
| 161 | goyyoomsuu | gowwoomsuu |
| 162 | ku'a lama | kudha lama |

| | | |
|---|---|---|
| 163 | eeggadda | dheen gaddaa |
| 164 | dabre | tare |
| 165 | xim jedhi | cadhisi |
| 166 | gulana dhufti | durana dhufti |
| 167 | akaa | dhakaa |
| 168 | kaka’u | kakadhu |
| 169 | kaksiise | kassiise |
| 170 | ar’a | adha |
| 171 | yaami | waami |
| 172 | tole | ishii |
| 173 | qarqaari | gargaari |
| 174 | nuyi | nu |
| 175 | fuu’ame | fuudhame |
| 176 | karaa kanaan | kara kanaan |
| 177 | diddiiriif | jijjiirif |
| 178 | wajjiin | waliin |
| 179 | hamaamota | hamoommoota |
| 180 | misirroota | idaayyota |
| 181 | balleessuu | camcammeessuu /afoollessuu |
| 182 | haala mijeeffa’e | qabaa jabeeffadhe |
| 183 | jabaa’u | jabaadhu |
| 184 | sirrii’a | sirrima/kolbuma |
| 185 | maaloo al tokko! | mee takkattima! |
| 186 | qaphu | qabadhu |
| 187 | molgoo | qululluu/dundumaa |
| 188 | ximbiriire | xenxennate |
| 189 | hin agarre | hin argine |
| 190 | dabaree | kochoo |
| 191 | rakkate | ko’oome |
| 192 | Hawwuu | halchuu |

| | | |
|---|---|---|
| 193 | Huqqate | golgolaaye |
| 194 | Rifeensa | qaajjisa |

**Gabatee 6. Garaagarummaa loogaa hawaasa Oromoo Arsii Waayyuufi Jiillee Tuulamaa jidduu jiru xiinxaluuf odeeffannoo bifa daawwannaatiin walitti qabame**

# DABALEE C

**Waraqaa mirkaneeffannaa garaagarummaa looga hawaasa Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa**

**Himoota mirkaneeffannaa garaagarummaa looga Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa**

1.Garaagarummaa loogaa sadarkaa xiinsagaatti mul'ataniiruu?

2.Garaagarummaan jechoota walfakkaataa hiikaan garagara ta'an hedduminaan niargamuu?

3.Jechoonni hiikaan tokko ta'anii moggaasa adda addaa qaban hawaasa Waayyuu Arsiifi Jiillee
. Tuulamaa jidduutti nimul'atuu?

4.Garaagarummaan sadarkaa himaarratti hawaasa Waayyuu Arsiifi Jiillee Tuulamaa jidduu jiru
. maal fakkaata?